RIGATA RIGAME

Kitaaba Xiinsammuu

Dhugaadha! Sammuun Kee qabeenya guddaa akka itti tajaajilamtuu fi ittiin tajaajilamtuuf badhaafamteedha. Garuu qabeenya kana faaydaaf oolchuu dhiiftee hojiin isaatiin ala waan biraa dalagsiista taanaan bu'aan isaa si miidhuu qofa ta'a. Kunis wonti hunduu waan isa miidhuu fi Isa fayyadus hojjachuu haa danda'u malee; wonti waan isa miidhu haa hojjatuuf uumame hin jiru! Eeyyen miidhaa akka faaydaatti ilaaluun danda'amus ilaaluun miidhaadha.....

Kitaabicha keessaa Kan fudhatame.



Waa'ee Barreessichaa

Barreessaan kitaabichaa Gammachiis Abbaa isaa Abdallaa waaqoo fi Haadha isaa Mardiyaa waabee irraa bara 2003 ALA tti Arsii lixaa Aanaa dodolaa ganda addaa absicho jedhamtutti dhalate.

Barreessaan kun barataa kutaa 9ffaa m/b sad 2ffaa heeraroo ta'ee kitaaba kana barreesse.

Gammachiis Abdallaa Waaqootiin,
Heeraro, Oromiyaa, Onk 2020

RIGATA RIGAME

Kitaaba Xiinsammuu

Kaka'umsaaf dubbisuun, kaka'umsaan dubbisuu caala!

Gammachiis Abdallaa Waaqoo
Heeraroo, Oromiyaa
Onkoloolessa 2020

Dhaamsa gulaaltotaa

1) **Ibsaa Aagaa (PhD)** >*Dhugumatti wontoonni amanuun natti ulfaate hedduu argeera, garuu inni mucaan hammanaa kun kitaaba kana fakkaatu barreesse kun baay'ee amanuun natti ulfaate. Kitaaba kana Gaafan dubbisu bakka jirruu fi bakka worri nu gate jirun yaadaan arge, kitaabni kun wontoota umata kuffisan kaasaa bakka itti kufaniiyis isaan kaasa. Namni hundi dubbisee haa mirkaneeffatun jedha!*
2) **B/saa yuusuf Qaasim (MA)** >*worri dhagahaa jiru haa dhagahu, kan rafaa jirus haa dammaqu. yaanni haaraa ummata gara fuulduraa tarkaanfachiisu reefu gammachiisiin dhiyaatee jira. Namni hundi dubbisee of haa ilaalu, of ilaalutu bakkaa fi akka itti jiran akka argan nama taasisa. Of ilaaluufis kitaabni kun of ilaallee gaariidha. dubbisaa!*

3) **Abdallaa Waaqoo (civil servant)** >*kitaaba kana akkuma jalqabatti dubbiseen durseen dhaamsi an dabarsu; Mucaan Koo kitaaba hawataa kana bilisaan isiniif gumaachee jira. Dubbisuun nama hundaatuu isaaf waa hubannoo fi barreessichaaf jajjabina ta'a. Akkasumas dhaloota lafaa dhufa akkanaa kanneen hojii akkanaatti haa bobbaabfnu, kanneen akka mucaa kootii itti jiran ammoo irratti haa jajjabeessinu jechuun dhaamsa abbummaa kootiiti.*
4) **Saadiyaa Abdallaa (barattuu kutaa 12ffaa** > *yaada ajaa'ibaatu kitaaba kana keessa jira, yaadonni kunneenis kan dhugaa jirtu irratti hundaa'aniidha. Kitaaba kana dubbisuu kootti waa hedduu hubachuu koo dabalatee akkan baayyee gammadu na taasise, gammachiis Abdallaatis baay'een dinqisiifadhe. Namni hundinuu akka dubbisuun affeera.*

Yaadannoo

Namni waan dabreef nama dabre hin beekne waan dhufus hin beeku akkuma jedhamu sana, namni nama isaaf jedhee lubbuu isaa dabarse hin yaadanne ofii isaatiiyyuu haala isaa yaadamuun irra jiru keessa jira. rakkoo waa yaaduu qaba jechuu kooti. kanaaf anis gootota keenya qaqqaalii osoo jireenya mataa isaanii hin jiraatin oromoodhaaf jiraatanii osoo jiruun gabrummaa ni dabritiif dhama'anii boodarratti lubbuun isaanii dabrite hunda osoo hin yaaditin waan biraatti seenuu hin barbaadu. Isaan keessaayis nama osoo arginuu of keessaa dhabne fi akkaataan du'a isaa madaa yoomuu hin qoorre natti ta'e osoo maqaa isaa hin dhoofne bira hin dabru. innis haacaaluu hundeessaa boonsaati, akkuma namni hunduu beeku duuti isaa du'a gootaati, namni kamuu isa hin dagatu; seenaan inni dalagee dabre bara baraan dhaloota fuuldura ijaajja!!!

Galata

Kan galata namaa beekutu galata rabbiis beeka. Kanaaf Hunda dura rabbii addunyaa kanarratti na argamsiisee akkan kitaaba kana barreessuuf na dandeessiseef galata galchuun hangafee, itti aansuudhaan haadha too Mardiyaa Waabee fi Abbaa koo Adallaa Waaqoo isaannan akkan ani asirratti argamuuf sababa ta'aniifi ergan argamee boodas akkan ani nama ta'u na godhan jechoota isaan naaf galateessanin dhabe Waan ta'eef umrii naaf dhaaradhaa jedheetuman bira kutuuf dirqama.

Ammas obboleettii too tanan baay'ee jaalladhu saadiyaa abdallaa, hamilee fi gorsi kee osoo hin hafne, atis osoo na biraa hin hafne na bira dhaabbatta, atis naaf buli. Qajeelchitoonni kootiifi gulaaltonni kitaaba kootii;- **Ibsaa Aagaa, Yuusuf Qaasim, Abdallaa Waaqoo fi Saadiyaa Abdallaa** hunda keessaniifuu galanni koo daangaa hin qabu.

Ammas barsiisonni koo hundi keessanuu kan dukkana jimii keessaa harka qabdanii na baaftan; bu'aa ifaajee keessanii nama argu ta'aa, umrii naaf dheeradhaa.

Obboleewwan koo garaa fi oromummaa hundi keessanuu kanneen yaadaa fi qaamaan na bira dhaabbatan galanni koo kitaaba kanaan isin haa qaqqabu.

Akkasumas qabsaawonni oromoo hundumtuu oromoof jecha aarsaa hedduu kafalaa jirtanii fi kafaluufis jirtan; maal na dhibe jettanii jireenya mataa keessanii jiraachuu akka dandeettan namni hunduu hin wollaale garuu namni hundi garama keessatti yoo isin galateeffateen alatti ol baasee isin galateeffachuu carraa hin argatu. Kanaaf animmoo ummata isin galateeffachuuf carraa dhabe hundaa bakka bu'ee galata guddaa gama kitaaba kanaatiin isiniif galchuun barbaada.

Dhaamsa koo

Waa dura waa dursuun yoomiyyuu taanaan hin dhabamu. Anis dubbisatti osoo hin seeniniin dura waan beekuu qabdu wohii sitti himuun narra jira. Hayyuu tokkotu akkana jedha *"That is good book which opend with expectation and closed in profit"/kitaabni gaariin kitaaba Abdiidhaan baname bu'aadhaan cufamuudha".* **Amos bronson**

Anis itti dabalee kanin jedhu; kitaabni barraahu hundi gaariidha jechuun hin danda'amu. Haa ta'u malee kitaabni badaa ta'e muraasa jechuun ni danda'ama.

Maalumaafuu badaas ta'u gaarii kan dubbise qoftu arga waan ta'eef kitaaba kamiyyuu abdii waan haaraa nan hubadha jedhuun wixinnaan bu'aa irraa argattee akka cuftu shakkii keessa galchuun hin barbaachisu. Gadhee irraayis gaarii barachuu yoo dandeette jechuu

kooti. Kana gochuuf ammoo kitaaba dubbisuu haajomte kaamiiyyuu jalqaba irraa kaastee hanga dhumaatti keessa hulluuquutu sirra jira. Kana gochuun kan barbaachiseefis kitaaba guutuu irraa wonti ati hubachuu dandeettu tokko qofa ta'uu mala, tokkoo san ammoo osoo sarara tokko irraan hin tarin yoo dubbisteen ala si jalaa hafuu dandeetti. Kanaaf jalqabaa hamma dhumaatti dubbisnaan ifaajeen kee bilaasha hin ta'u.

Inni biraa ammoo waa'ee kitaaba kanaati. Kitaaba kana abdii namni hundinuu dubbisee ittiin of arga jedhuunan katabe. Abdiin koo kun ammoo akka dhugoomuuf namni hundinuu dubbisuu qaba. Anis yoo san abdii biraatis horadha waan ta'eef.

Osoo hin dubbisin siif mirkaneessa wontoonni kitaaba kana keessatti katabaman dhugaa jiru ta'uu atuu dubistee ragaa ni baata. Kanaaf ammoo akka dubbistuuf affeerraan siif taasifamee jira.

Imaanaan cimaan ani isinitti kennadhu ammoo; kitaaba kana dubbistanii yoo kaatan namoota birootiifis qoodaa, miidiyaalee hawaasaa gara garaa irrattis beeksisuun nama hunda qaqqabsiisuun dirqama keessan bahadhaa!.

Hubadhaa!

Mirgi barreessaa safuun kan eeggameedha waan ta'eef garagalchitanii yoo maxxansitan gaafatama safuu jalaa hin baatan!.

Inni biraan ammoo kitaaba kana eega dubbistanii xumurtanii booda yaada jajjabinaas ta'ee sirreeffamaa yoo qabaattan, akkasumas kitaabicha ilaalchisee odeeffannoo garaa garaa argachuuf teessoon koo;-

a. **Bilbila**=0991099802
b. **Telegram**=Ghemachies abdela
c. **Fb**= ghemachies abdela wako

Baafata

Mata duree.....fuula

Seensa.....11
Boqonnaa 1
Rigata.....16
BOQONNAA 2
Nageenya.....26
BOQONNAA 3
Saayinsii.....39
BOQONNAA 4
Teeknolojii.....55
BOQONNAA 5
Barnoota.....66
BOQONNAA 6
Qabeenya.....82
BOQONNAA 7
Sirna bulchiinsaa.....98
BOQONNAA 8
Qindoomina.....109
BOQONNAA 9
Jiruu fi jireenya.....118
BOQONNAA 10
Goolaba.....130
Wobiilee.....135

Seensa

Wonta namoonni hunduu hubachuu qaban tokkotu jira. Innis wonti barreeffamu hundi kan barreerffamu yeroo hunda waan beekumsa qabaniif ykn waan barreessuu fedha qabanii fi waan barreessan waan beekaniif qofa ta'uu dhabuudha, garuu yeroo tokko tokko dirqamaanis ta'uu mala kan barreeffamu. kunis wonti akka barreessaniif nama dirqisiisus ni jira jechuudha.

Wontoonni kunneenis "*Dirqaalota/conditional obligations"* jedhamuun kan beekkaman yoo ta'u; dirqama haalli ta'e wohii akka waa raawwataniif nama dirqamsiisu kan agarsiisaniidha. kunis kan ta'u yoo haalichi sun:- si jibbisiise, si gaddisiise ykn ammoo sitti tole fa'a ta'uu danda'a kan akka waa raawwattuuf si dirqu.

Haalonni kunneenis kanneen akka gabrummaa, boodatti hafummaa ykn kufaatii namootaa, ajjeechaa,

hiyyummaa namootaa fi kkf fa'a ta'uu mala.

Atimmoo haala namoonni keessa jiran kana keessaa akka bahaniif ni barbaadda ta'a; kanumatu si dirqee yoo fala kan beektu ta'e akka haala sana keessaa bahaniif *mala* barreessitu, yoo kan hin beekne ta'e ammoo akka namoonni biroo dhagahanii dirmatiinif *haalicha* barreessitu si taasisa.

kun ammoo ilaalcha namootaa "namni waa barreessu hayyuu waan ta'eef qofa barreessa" jedhu sana kan faallessudha. Kanaaf namoonni ilaalcha akkanaa qaban kanas beekuun barbaachisaa dha.

Egaa akkuma namni hunduu beeku namoonni biyya itoophiyaa jedhamtu tana keessa jiraatan ykn Itoophiyaanonni hiyyummaa fi boodatti hafummaadhaan amaleeffamu. Osoo kun kanaan jiruu namoonni hedduun "*Itoophiyaa duubatti haftuu*" jedhanii biyyatitti quba wolaasu. Haa ta'u malee ilaalchi kun kan qubatuu qabu biyyattii irra osoo hin

taane namoota biyyattii keessaa jiraatan irra ture. Ilaalchi "itoophiyaan duubatti haftuudha" jedhu kun sirrii miti jechuu kooti. Eeyyen! ithoophiyaa osoo hin taane itoophiyaanotatu duubatti hafoodha. kufaatiin itoophiyaanotaa kun ammoo itoophiyaallee akka kuftu taasisee jira malee. Ta'us garuu waan taatee tokkoof sababa ta'ee fi taatichas haasa'uudha malee taatee qofa irratti xiyyeeffachuun sirrii ta'uu dhabuu hubachuun barbaachisaadha.

Kanumaaf gaafa Itoophiyaa maqaan badu itoophiyaanonni akka waan Itoophiyaan biyya isaanii hin taaneetti cal'isu waan ta'eef ilaalcha kana biyyattii irraa kaasanii namoota biyyattii keessa jiran irratti rakkisuu dhabuunii fi Waa'ee kufaatii itoophiyaanotaa fi itoophiyaa qofa haasa'uunilleen kufaatii irraan kufaatii biroo dabalee jira.

Akkuma oromoon *"ballaa ija takkaa takkittii haftettuu bookeen jim"* jedhu sana jechuu kooti. kanaaf waa'ee

kufaatii itoophiyaa fi itoophiyaanotaa haasa'uu osoo hin taane; waa'ee furmaataa haasa'uutu furmaata.

Anas kitaaba kana akkan barreessu kan na dirqe isuma namoonni furmaata dhiisanii oduu biroo shalfan kanaa fi duubatti hafummaa namootaati. Kanaafan shalfiin kun akka hafuu fi wontoonni namoota duubatti hanbisaa jiran kunneen akka beekamaniif ifaajee guddaa taasise.

Ifaajuun koos sababa malee miti; Biyya rigatni rigamee deemuun nama kuffisu keessa kufaa jiraachuun nama hifachiisuu bira dabree waan of nama jibbisiisuufiidha. worri kufaatii kana nafatti fudhate silaafuu homaa itti hin fakkaatu, worri hifate ammoo hedduun isaanii iddoo rigatni gahaan jirutti deemanii jiraatu, gariin isaanii ammoo kufaa ka'aatuma harka wolqabee mala kufaatii kana keessaa ittiin bahu wolitti himaa; Kan wolirraa fudhatu fudhataa kuun ammoo wol ceela'aa wol

harkatti ashaa, yoomuma kufaatii Kan keessaa baana? Jechaa tattaafataa jiraatu. Anis namoota kanneen jidduu waanan jiruufin wontoota isaan dhabamuun kufaatii kanaaf sababa ta'anii fi osoo isaan jiraatanii ammoo furmaanni waaraas jiraatu; worra na dhaggeeffatee narraa fudhatuuf akka furmaataatti tokkoo tokkoo boqonnaalee jalatti kaaseen jira.

Wontootni dhabamuun isaanii kufaatiif nama saaxiluu fi jiraachuun isaanii ammoo tarkaanfachuu nama dandeessisu kunniin wontoota akkamiiti waan jedhuuf akkuma argaa jirtan rigataa jiruu fi rigata rigame akka fakkeenyaatti fudhadheetiin jira. rigatni ammoo waan akkamii akka ta'e boqonnaa jalqabaa keessatti bal'inaan kan ilaallu ta'a.

Dubbisa dubbistee milkooftu siif haa ta'u!

BOQONNAA 1
Rigata

Rigatni/fricton humna woyta qaamni tokko qaama biroo woliin wol tuqee wol irra socho'u ykn dhaabbatu madduudha. Kanas hiikuma jecha maqaansaa irraa dhufe irraa hubachuun ni danda'ama. Innis jecha Laatinii *"fricare"* jedhu yoo ta'u hiikni isaas "*wolitti riguu"* jechuudha. Kanaaf rigatni wontoota wolitti rigaman jidduutti kan uumamu ta'uu isaati.

Rigatni wonta baay'ee barbaachisaa ta'uu yeroo jalqabaatiif kan qo'atanii hubatan namoota hedduu ta'anis; isaan keessaa *leonardo davinci* namni jedhamu isa duraa akka ta'e maddoonni tokko tokko ni mul'isu. Hubannaan duraa namoota kanneenii ammoo nuti haala salphaan akka waa'ee barbaachisummaa rigataa hubannu nu taasisuu qaba.

Saayinsiin *tribology* jedhamus saayinsii sochii birqabaa keessatti wolitti dhufeenya fulaa fi fuulaa Waan ta'eef rigata qo'achuurratti kan sirnaan xiyyeeffannoo guddaa kennu ta'uu isaati. Kanas teeknolojiiwwan haaraa ga'umsa anniisaa dabalanii fi kanneen rigata ilaallatan oomishuudhaani.

Kana malees saayinsii baay'ee hundagaleessa ta'uu isaa irraa kan ka'e barnootawwan akka fiiziksiisii, keemistirii, Baaylojii Herrega fi kkf hedduu keessa kan seenuudha Saayinsiin tiriibolojii. Kun ammoo gosti barnootaa kunneen waa'ee rigataa akka tuqan nu hubachiisa.

Akkuma duratti kaasnee turre rigatni kun boqonnaa irra jiraachuu fi sochii irra jiraachuu qaamota woltuqanii irratti hundaa'ee gosa lamatu jira:-

1) **Dhaabbataa(static):-** rigata wontoota lama kan Faallaa wolii socho'uuf yaalaa jiran; garuu kan hin sochi'in gidduutti uumamuudha. kunis hanga humni

cimaan irratti dalagaa'utti dhaabbimarra kan turuu dha. woyta kana gatiin sochiin dura uumamu ni jira. innis *rigata daangayaa(limiting friction*) kan jedhamuudha. innis gatii olaanaa rigatni kun qabu ta'uusaati. Kanaaf gosti rigataa kun wontoota dhaabbataan jiran hunda kan ibsuudha.

1) **Sochii(kinetic/dynamic):-** kun ammoo rigata Qaamolee lamaa kan wolirra socho'aa jiran giddutti uumamuudha. rigatni kun yeroo hundaa faallaa sochichaatti kan uumamuudha. Kanaaf rigatni kun qaamolee wol tuqanii socho'an hundaa jidduutti qooda kan fudhatu ta'uu isaati.

Akkuma ilaalaa jirru rigatni kan uumamu woyta qaamni jajjaboo ta'e lamaan kallattiin yoo wolrige qofaa dha. kana jechuun wontootni qilleensa woliin rigata uumanii fi bishaan keessatti riigata uuman ni jiru yaadni jedhamaa ture sunniin akka sirrii hin taane saayintistoota qorannoo gaggeessaniin kan

ifoomeedha. Sababiin isaas qilleensaa fi bishaan gosa harkisaa/attraction waan ta'aniif rigatni isaan keessatti uummamuu hin danda'u jedhanii sababa dhiyeessu. Kanaaf yaada isa fooyya'aa kana fudhachuutu barbaachisa. Asumaan waan dura faaji'amaa ture yoo isa boodaan yaanni isa kuffisu dhufe isuma dura beeknaaf irratti cichuu irra yaada fooyya'aa fudhachuun barbaachisaadha.

Egaa hiika isaa hangana yoo jenne gara hima isaatti yoo darbinu rigtni; humna nuti guyyaa guyyaan woyta ofii keennaa dachee irra sochoonuu fi waan biraatiin sochoonu uumnuudha. yoon kana jedhu waan salphaa fakkaachuu mala, garuu humnichi maddu sun humna socho'uu fi socho'uu dhabuu keenya murteessuudha. Eeyyen! dandeettiin sochii keenyaa kan irratti hirkateedha. kunis rigatni rigamnaan dandeetti socho'uu hamma fedhe qabaannus socho'uun hin danda'amu jechuudha.

Rigatni rigamuun/dhabamuun wontoota lafarra socho'an huda akka hin sochoone kan taasisuu fi kan socho'uuf yaales kufaatiif kan saaxiluudha. Kana ta'uu isaatu fakkeenya guddaa kaayyoo kitaaba kanaa akka ta'u isa taasise.

Mee akka salphaatti waa'ee rigataa hubattuuf "mucuca" fakkeenya haa fudhannu; Yeroo mucucni jiru hanqina rigataatu uumama. Kanas namni lafa mucucaattu irra deemuu fi lafa gogaa irra deemu; tokko akka hin taane osoo lachuu irra hin deemne namuma lachuu irra deemu ilaalanii qofa ragaa bahuun ni danda'ama.

Namni lafa gogaa ykn mucuca hin qabne irra deemu akka garaasaatti ijjatee, tarkaanfatee, utaalee, fiigee jalaa bahuu fi ari'ee dhaqqabuu danda'a. Yoo dadhabbii isaatiif dadhabe malee wonti isa dhibu hin jiru jechuudha.

Garuu faallaa kanaa namni mucuca irra deemu;

gatattaraa, kufaa ka'aa, shinqiiqaa, cinqaa meeqaatam argaa harkifataa akka deemu nama mucuca irra deemee arge qofa osoo hin taane namni osoo irra hin deemne isa irra deeme qofa arges beekuu danda'a. Kanarraa salphumatti waa'ee rigataa hubachuuf taate jedheen yaada. Kanaaf mucuca gogsuun ykn hanga gogutti malee irra deemuun rakkisaa ta'uu isaati.

Erga waa'ee rigataa hagana hubattee; amma immoo waanan jechuu barbaadu keessa bahadha.

wontootni beekamanii fi hin beekamne hedduun akka rigata rigameetti nama hafummaa fi kufaatii hin kaaneef saaxilaa jiran hedduudha. Haa ta'u malee namootni wontoota kanniin akka waan tarkaanfachiisaa tokkootti ilaalan/ hubatan hedduudha. haala kanaan ammoo wontoota sanneen keessaa tokko sammumma akkasitti ilaaltu/ hubattu santu kufaatiif isaan saaxilaa jira jechuu dha.

Sammuun akkanatti ittiin waa ilaalaa jiran kun qabeenya guddaa waan ta'eef mammaaksa oromoo "*qabeenyi faaydaa malee haraa bu'aansaa yaraadha*" jedhu saniin wolitti waan galuuf isarra dhaabannee waa jenna...

Dhugaadha! Sammuun qabeenya guddaa akka itti tajaajilamtuu fi ittiin tajaajilamtuuf badhaafamteedha. garuu qabeenya kana faaydaa isaa faaydaaf oolchuu dhiistee hojii isaatiin ala waan biraa dalagsiista taanaan; bu'aan isaa si miidhuu qofa ta'a. kunis wonti hunduu waan isa miidhuu fi isa fayyadus hojjachuu haa dandanda'u malee; wonti waan isa miidhu haa hojattuuf uumame hin jiru. Eeyyen! miidhaa akka faaydaatti ilaaluun ni danda'ama; garuu ilaaluun miidhaadha.

Wanti hunduu akka itti ilaalamuu fi bakka itti ilaallamu qaba. Akkasumas akka itti raawwatamu ykn raawwatu Kan mataasaa qaba. Kana yoon jedhu fagoo

hin deemnu; Ati ilmoo namaa taatee Akka horiitti ykn uumama birootti hin ilaalamtu akkuma uumamani sii kennetti ilaalamta; akkuma ilmoo namaatti jechuu kooti. Kun ammoo miidhaa bu'eeffatanii Akka bu'aatti worra ilaalaa jiraaniif fakkeenyi Kun gahaadha. Wanta hundaa bakka isaattii fi akka isaatti ilaali!

Kufaatii bara dheeraa fi of wollaalummaa ummata gurraachaa kan ta'aa tures kanuma; innis gurraachummaa isaanii akka badummaatti/ miidhaatti ilaalanii; Adummaa ammoo akka maleeykaa/malakoottiiti ilaadhuudhaan nuti "adiidha" ofiin jechuu kana.

Aanan se'anii barbadaa harkaan qabachuu isaanii kanatu kiyyoo kufaatii keessaa hin baane keessatti isaan kuffise. isaan adii ofiin jechuu kana akka faaydaatti ilaalan malee; eenyummaa ofii dagachuun miidhaa guddaa ta'uusaa hin barre. Kunis miidhama

akka faaydaatti ilaaluu dha.

Yeroon tokko tokko yeroon miidhaa akka bu'aatti ilaaluun barbaachisus jiraachuu danda'a; innis yeroo miidhicha ofiin miidhuu dhabuuf qofa akka faaydaatti ilaalan qofaadha.

Fkn: yoo namni tokko Arraba/waan si miidhu wohii siin jedhe; "*Maaliif akkana naan jedhama*" jettee cinqamuu osoo hin taane; akka wonni gaariin wohii siin jedhameetti ilaaluudha. kana ammoo kaayyoon isaas of miidhuu dhabuuf qofa. Jechuunis miidhaan sun si fayyadee osoo hin taane; miidhichaan of miidhuu dhabutuu siif faaydaa guddaadha. Yoo waan akkanaa ta'e malee of miidhuun ala Kan miidhaan of fayyadu hi jiru.

Kana hundaa kanin jedhe namoota sammuu qabeenya guddaa ta'e kana baattatanii waan isaan kuffisaa jiru akka waan isaan tarkaanfachiisaa jiruutti ilaalaa jiraniifiidha.

Wolumaa galatti waan hundaa akkaa fi bakka isaa malutti ilaaluun miidhaa qaamqalbii irraa Kan nu baraaruudha. Akkasumas namoonni hedduun kan yeroo hedduu faayyadamuu caalaa miidhamaniifis miidhaan heddummaatee faayidaan dhabamee osoo hin taane miidhaa hedduu akka faaydaatti waan ilaalaniifiidha. Kanaaf yeroo hedduu fayyadamuun ala miidhamuun akka hin jiraanneef waan hundumaa akkaa fi bakka isaatti ilaaluun barbaachisaadha. Kana malees waan nu miidhuu fi nu fayyadu adda baasnee beekuun of beekutti aanee beekumsa bu'uuraati.

BOQONNAA 2
Nageenya

Nageenya(peace) jechi jedhamu Kun tasgabbii wontoota namtolchee fi uumamaa agarsiisa. tasgabbiin Kun ammoo dhabama wontoota miidhoo fi jeequmsa uumaniitiin Kan argamuudha.

Wontoonni kunniin yeroo jiranitti ammoo wontoota uumaafi namtolchee kanniin tasgabbiin isaanii hin jiraatu jechuu nu hubachiisa. Yookana tasgabbiin dhabamnaan nageenyis tasgabbima duuka kan bu'u ta'uusaati.

Wontoonni wontoota tasgabbii dhoorkanii nageenya dhabamsiisan kunniin yeroo baay'ee jecha *balaawwan(accidents*) jedhamuun beekkamu. Balaawwan kunniin ammoo wontoota miidhaa geessisan hunda kan ibsan yoo ta'u tasaa fi itti yaadamuunis uumamuu danda'u.

Akkuma wontoota isaan miidhaniitti isaanis(balaawwan) kanneen uumamaa fi namtolchee ta'uu akka danda'an hubachuun barbaachisaadha. Balaan uumamaan uumamu tasa/osoo hin eegamne qofa kan uumamu (Fkn: balaa voolkaanoo fi kkf) yoo ta'u kan namtolchee garuu tasas, itti yaadamees uummamuu danda'u(Fkn: balaa woraanaa/lola fi kkf)dha. Garuu tasas haa ta'u beekkaa balaan waan miidhaa fiduu fi nageenya booressu ta'uu isaa hubatanii irraa of eeguun haalaan barbaachisaadha.

Saayinsiin waa'ee nageenyaa qo'atus *Irenology* kan jedhamu yoo ta'u karaa naga qabeessa ta'een rakkoo wolitti bu'iinsaan uumamu furuu fi nageenya baballisuu irratti kan xiyyeeffatuu dha.

Egaa nageenyi kun waan baayyee murteessaa ta'uusaa irraa Kan ka'e waan baaya'een ibsamuu danda'a; nageenyi Waan hundaa Kan dursuu fi wonti

hunduu Kan isa duubaan hiriiruudha. Kana ta'uu isaatu yaadqalbii namoota hundaa akka ta'us isa taasise.

Kanumaafis namni hunduu yoo wolitti dhufu waa hunda dursee "*Akkam nagahaa"* woliin jechuun naga wolii wol gaafata. Kun ammoo sababa waa'een nageenyaa waa hunda dura nama yaachisuufiidha. Kana yoon jedhu nama hundatu nageenya woliitiif ykn nageenya mataasaatiif yaadda'a jechuu miti, Kan nageenya wolii fi ofiitis hin barbaanne hedduudha waan ta'eef.

Jechi hawaasaa keessatti "*abalu Osoo du'eeyuu hin boo'uuf"* jedhu sunii fi kan namoonni gariin *"jiruun natti hadhooftee ofin fannisa"* jedhanii funyoo/haada barbaaddatan sunis nageenya woliitis ta'ee kan ofii barbaaduu dhabuu mul'isa.

Kana malees namoonni nageenya wolii jibbanii ganamaa galgala nageenya ummataa booressuuf

yaadda'an kanneen *shororkeessitoota* jedhamanis waan jiraniif; afaan guuttatanii namni hundi nageenya barbaada jechuun nama rakkisa. Haa ta'u malee nageenya ofiis ta'ee kan namoota biroo, isa biras dabree kan addunyaa guutuu barbaaduun/fedhuun barchisummaa isaa bira darbee akka dirqamaatti ilaaluun barbaachisaadha. Kunis nageenyi jiraachuus ta'ee dhabamuu kan danda'u nama dhuunfaa irraa ka'ee hanga addunyaa guutuu wolitti qabutti deemuu kan danda'u waan ta'eefi.

Kana yoon jedhu waa'ee nageenya keetii fi namoota muraasaa bira darbee kan addunyaa guutuuf yaadda'uu qabdan siin jedha. Sababni isaas kan siif dhufetu addunyaa guutuu dhaqqaba, akkasuma kan addunyaa qabatee si dhiisu hin jiru waan ta'eefin jedha.

Fakkeenyi guddaan dhabama nageenya addunyaa yeroo ammaa; fagoo osoo hin deemne balaa dhibee

covid-19 fi kkf hedduutu jiru gama balaa uumamaatiin jechuudha. Gama balaa namtolcheetiinis akkanuma; woraanni addunyaa darbe sunii fi kkf fakkeenya guddaa ta'uu danda'u.

Dhabamni nageenya addunyaa kun ammoo kan addunyaa kufaatii hamaa keessatti kuffisee fi walumaagalatti dhimmi dhabamuu nageenyaa kun akkuma xiyyeeffannoo keenyaa kan kufaatii hamaaf ummata saaxiluudha. Kanaaf ammoo balaawwan kanneen isa danda'amu dhabamsiisuu, kan hin danda'amne ammoo dandamachuun yoo hin jiraanne balaawwan kunneen kan jiraatan, nageenyi kan hin jiraannee fi kufaatiin kan jiraatuu fi kan itti fufu ta'uu hubachuun barbaachisaadha.

Kanaaf nageenyi barbaachisummaa isaa caalayyuu barbaachisaa waan ta'eef nageenya kana balaawwan isa booressan kanniin eeggachuutu murteessaa dha.

Inni biraa ammoo wolii galteen, wolitti dhufeenyi, woliin jireenyi fi hawaasummaan gaariin ati namoota biroo fi hawaasa keessa jiraattu ykn biyya keessa jiraattu woliin qabdus nageenyuma qaabaachuu Kee ibsa. Nageenyi kun ammoo Kan boora'u yoo hariiroon Kunniin badeedha ykn wolitti bu'uunsii fi wol dhabdeen gidduu keetii fi namootaatti uumameedha. Akkasuma nageenyi Kun hariiroma kanniin uumuudhaan haaluma salphaan eegamuu danda'a.

Nageenyi gidduu keetii fi namoota biroo jiru ykn gidduu namoota muraasaa jiru dhabamuu hin qabu, dhabamnaan ammoo dhabamuma kanatu dhabama nageenya addunyaallee harkisee akka dhufu sitti himeen ture. Kanaaf fakkeenyi gaariin woraana addunyaa jalqabaati (1ffaa)dha. Woraanni Kun sababa dhabama nageenya addunyaa guutuu akka ta'e ni beekama. Dhabama nageenya addunyaa kana Kan harkisee dhufe ammoo wolitti Bu'iinsa namoota

muraasa gidduutti uumameeni ykn dhabama nageenya namoota muraasaati. Akka itti ta'es sittan hima yoo barbaadde,

Kunis nama lammii *oostiriyaa hangarii* ta'e kan maqaansaa *arkiduuk fraanziis fardinaand* jedhamutu nama lammii *sarbiyaa* ta'e kan maqaansaa *gaavriiloo priinsip* jedhamuun ajjeefame. Nageenyi jara kanneen lamaan gidduu dhabame; gara biyya jaraa lamaaniitti ol siqe, boodarra addunyaa guutuu wol ga'e. Kana ammoo wol dhabbima sii fi nama biroo gidduutti uumamutu nageenya addunyaa guutuu booressu danda'a jechaafin jedha. Kun akka hin taaneef ammoo hariiroon gaariin ati namoota wojjiin qabdu murteessaadha.

Egaa kan hanga ammaatti ilaalaa turre nageenya alaa (*External*) kan ta'eedha. Nageenyi kan biraan ammoo nageenya keessoo(*Inner*) kan ta'eedha. Nageenyi kun miira gaarii ati keessoo Kee woliin

qabdu agarsiisa. Miirri kunis ilaalchuma ati ofiif qabdu irraa Kan maddeedha. Ilaalchi kunis ammoo oola gala ykn Waan ati raawwatu fi Waan ati yaaddu irraa madda.

Fkn: nama yakka raawwataa oolee galu tokko ilaalchi inni ofiif qabu yeroo kamuu ilaalcha yakkamaa ta'uu isaati, ilaalchi kun ammoo miira gaarii hin taane Kan akka sodaa fa'a isa keessatti uuma. Kanaaf keessa isaa woliin Yeroo kamuu naga hin qabaatu, inni callissuu barbaadus keessa isaatu itti iyyee naga isa dhoorka. Kunis yakka inni raawwateef isa yakkaa jira jechuudha. Waan raawwatan qofa Osoo hin taane wonti yaadanis akkuma kana ta'uu hubachuun barbaachisaadha.

Nageenyi ati keessa kee woliin qabdu kun baayyee barbaachisaa taa'uusaarraa kan ka'e nageenya alaa ilaallee turre sanniin dhabdee isa kana qabaachuu dandeetta; garuu nageenya kana dhabdee isa alaa

argachuu hin dandeettu. Kana jechuun osoo ala nageenyi jiraateeyyuu si waan nageenyi jiru sitti hin fakkaatu, yoo nageenya keessa kee woliin hin qabdu ta'e jechuudha. Kana jechuun yoo nageenya kessoo keetii hin qabne; nageenyi alaa jiraatees dhabamees siif dhabni dhabuma ta'uu isaati.

Nageenyi kun kan akka nageenya alaa san akka hin taane argaatuma jirtaamii ree? Boo'aruuf balaa guddaa hin barbaaduu? Eeyyen haaluma salphaan boora'uu danda'a. Ilaalchuma ati haala keessa jirtu fa'aaf qabdutu nageenya kana salphumatti booressa. Fkn: Yoo ati jiruu hiyyummaa keessa kan jiraattu ta'ee ilaalcha hiyyeessa ta'uu kee kan ofiif qabaattu taate; miira Gadaantummaatu sitti dhaga'ama. Akkamitti namaa gad taateef keessi kee si hocofee nageenya si dhabsiisa. Ilaalchatu miira dhala waan ta'eef! Akka hiyyeessaatti jiraadhu malee akka hiyyeessaatti of hin ilaalin!.

Wantoonni nageenya keessoo keetii booressan heddudha. Garuu Waan fedheyyuu ta'u nageenyi keessoo keetii akka hin boorofne gochuu Kan danda'u si'i. Kanas wontoota nageenya kee booressan hundarraa of eeguudhaanii fi kanneen nageenya siif kennan rawwachuudhaani.

Amma gabaabumatti wontoota nageenya keessoo siif kennan kanneen gaditti siif himu kana godhi, faallaa isaanii yoo raawwates akkasuma nageenya kee booressu.

- Waan too'achuu dandeettu qofa irratti xiyyeeffadhu waan too'annaa keetiin ala jiruuf of hin dhipisin. Akkasumas waan jireenya keetiin madaalu qofa raawwadhu, waan humna keetii olii raawwachuuf taanaan, humnatti cittee yoo raawwachuu dadhabde waan dhiphattuuf irraa of qusadhu!
- Wontoota uumamaa daawwattee dinqisiifachuuf

yeroo hin dhabin

- Imaanaa guutuuf waan dandeettu hunda godhi, imaanaa namaa hin nyaatin.
- Jireenya keessa jirtu hin jibbin; wontoonni jireenya ati jiraachuu hin barbaadne caalaa si gammachiisan muraasa waan ta'aniif.
- Sochii qaamaa gochuuf sochii birootuu dhaabuu irraa of duuba hin jedhin.
- Waan gaarii qofa hojjadhu. Fkn kana akka nama gargaaruu, namaaf gaarii yaaduu fa'a fi kkf.
- Ati nama mirkaneeffannaan socho'u taanaan carraan ati waan dhugaa/gaarii argachuuf ykn dhagahuuf qabdu olaanaa ta'uu bira darbee miirri gaariinis akka sitti dhaga'amu taasisa.
- Seenaa keessa dabarte fa'a yaadataa, yoo waan akka viidiyoo ykn fotoo yeroo dabree fa'a qabaatte teettee ilaaluu fi wkkf hunda raawwadhu.....

Wolumaagalatti ammaan booda wontoota muraasa akka fakkeenyaatti siif kaase kanniin fakkeenya godhachuudhaan waan nageenya keessoo siif kennan hunda irra xiyyeeffannoo kee kaa'i, akkasumas wontoota nageenya keessoo keetii borressan hundaafuu hin bitamin.

Egaa hanga ammaatti nageenyi maal akka ta'e, barbaachisummaa isaatii fi akka itti argamuu danda'u ilaalaa turree jirra. Kanaan booda nageenya eeggachuus ta'ee eegsisuun gahee nama hundaati. Yoosan nageenyis nageenya dhugaa ta'a waan ta'eef. Nageenyi akka namaaf ta'uuf nageenyaaf ta'uutu barbaachisa jechuun sunis nageenya eeggachuu fi barbaaduu mul'isa waan ta'eef nageenyaaf ta'i.

Walumaagalatti dhabamuun nageenyaa akka rigata rigameetti kufaatii;- beekumsaa, diinagdee, kufaatii siyaasaa fi kkf akka ummata irraan gahu

hubatamuum kaayyoo ijoo kitaabichaati.

Nageenyi nageenyaa
Isaan hin madaalu
Wonti akka qabeenyaa
Kanaaf nu jalaa badus
Hin qabne beenyaa
Kanaaf eeggachuun
Dirqama keenyaa!

Waa'een nageenyaa haasawamee, hododamee shalfamaa oolus waan dhumu hin fakkaatu, kanaaf nageenyi bakka jirutti hunda keenyaaf haa ta'u, bunaaf nageenya hin dhabinaa jedheen bira Dabra.

BOQONNAA 3
Saayinsii

Saayinsiin (science) jecha laatiinii "*scientia*"/" *Beekkumsa*" jedhu irraa kan dhufe yoo ta'u; akkuma hiika maqaansaa kennutti saayinsiin qindoomina sirnaawaa beekkumsa; bifa ibsa ifa ta'ee fi amanamuu/mirkaneeffamuu danda'uun kan ijaaruu fi qindeessudha. Kana jechuun saayinsiin wonta beekkumsa haaraa argame bifa namaa hubatamuu danda'uun kan qopheessuudha.

Saayinsiin kun akkuma wontoota biroo namootaan kan gaggeeffamu yoo ta'u namoonni hojii saayinsii kana gaggeessanis saayintistoota(*scientists*) kan jedhamanii dha. Akka qorattoonni hedduu jedhanittis namni *ibn-alhytham* jedhamu saatintistii yeroo jalqabaa akka tureedha. innis wontoota akka *kaameraa pinhoolii* fi seera adda addaa argachuun,

akkasumas wontoota uumamaa kanneen akka: sabbata waaqaa(*rainbow*) fi Haguuggii aduu (*eclipes*) qorachuudhaan saayintistii jalqabaa akka ta'ee dha. Maddoonni tokko tokko ammoo saayintistiin jalqabaa *Aristotle* nama jedhamu akka ta'e agarsiisu. Garuu Kanas haa ta'u san dubbiin ijoon saayintistoonni namoota saayinsii afaanii gochatti jijjiiruuf socho'anii fi kanneen beekkumsa fooyya'aa saayinsii qaban ta'uu isaanii hubachuu dha.

Inni biraan ammoo tokkoon tokkoo qubeelee jecha "*science*" jedhu keessa jiraniitis jecha mataasaanii kan dhaabataniif kan qabaniidha isaanis:-

- **S**-*systematic/malaawaa*
- **C**-*comprehensive/hundaqabeessa*
- **I**-*investigation/qo'annoo*
- **E**-*exploration/qorannoo*
- **N**-*nature/uumama*
- **C**-*causes/sababoota*

❖ **E**-*effect/dhiibbaa*

Yoo ta'u woolitti yoo deebi'an ammoo *(sytematic and comprehensive investigation and exploration of nature's causes and effect / qo'annoofi qorannoo sababootaaf dhiibbaa uumamaa malaawaa fi hundaqabeessa ta'e)* hiika jedhu kennu.

Hiika moggaasa qubeelee kanniinirraa Saayinsiin wonta wontoota uumamaa addunyaa kanaa qo'atee qorachuudhaan sababoota isaa fi dhiibbaa inni uumu ykn isaarratti uumamus kan qoratee qo'atu ta'uu isaa hubachuu danda'uu qabna.

Ammas dabalataan Saayinsiin ammayyaa bakka 3tti qoodamuun wontoota addunyaa kanaa kan qoratee qo'atuudha.

Isaanis saayinsii;-

- **Uumamaa(natural):** kanneen wontoota uumamaa bal'inaan qo'ataniidha. dameelee akka:- (baaykojii,keemistirii, fi fiiziksii) of jalatti kan

hammataniidha.

- **Hawaasaa(social):** isaan kun ammoo kanneen dhimmoota hawaasaafi namoota dhuunfaa qo'ataniidha. isaan kun kanneen akka (Ikonomiksii, saaykolojii, fi sooshoolojii) fa'aadha.
- **Sirnaawaa(formal):** isaan kun (Loojika,Herregaa, istaatiksii, fi saayinsii kompiitaraa) fa'a yoo ta'an; kanneen yaadrimee dhoksaa ta'an qo'atanii dha.

Damee saayinsii *(formal)* kanarratti; sababa dameen kun ragaa qabatamaa hin qabneef jecha; akka damee saayinsiitti of danda'ee hundeeffamuu irratti wolmormiin saayintistoota gidduu kan jiruudha. wolmormiin kunis sababa saayintistoonni gariin dameen kun damee saayinsii uumamaa jalatti ramadamuu qaba, jedhaniif kan uumameedha. Haa ta'u malee wol fakkeenyi isaan saayinsii uumamaa wojjiin qabanilleen xiqqaachuun jidduutti rarra'ee akka

hafu damee saayinsii kana taasisee jira.

Egaa saayinsiin haala kana fakkaatuun wontoota addunyaa kan irra jiran hunda bakka adda addaatti qooduun kan qo'atuudha. Kanas akkaatama argama ykn uumama isaanii irratti hundaa'uudhaan bakka gara garaatti kan ramadee qoratee qo'atu ta'uu isaati.

Wonti ajaa'baa ammoo akkuma saayinsiin waan hundaatuu jiru; Saayinsiin saayinsii hundaatis jiraachuu dha. innis sammuu dhala namaati, Eeyyen! sammuu biraa miti kanuma akka keetii kana jechuu kooti. Saayinsii rakkoowwan lubbu qabeeyyii addunyaa kanarra jiran mudatan hunda kan kalaqee fi gaggeessu kun sammuma ilmaan namaa ta'uu isiiti.

Gara jaja dhugaa saayisiitti yoon si deebise; saayinsiin wonta yaada ykn filannoo irratti hundaa'e osoo hintaane dhugaa fi ragaa irratti kan hundaa'eedha. Adeemsi saayinsii ammoo adeemsa yaada qorannootti

jijjiiree ragaan mirkaneessuudha. kun ammoo saayinsiin wonta tooftaa malaawaa ragaarratti hundaa'e hordofuudhaan; beekkumsa dhokataa hawaasaatii fi hubannaa uumama addunyaa kanaa firfirsee yaasuudhaan faaydaaf raawwitti kan jijjiiru ta'uusaa agarsiisa.

Eeyyen saayinsiin waan afaaniin (orally) ykn himamsaan raawwatu osoo hin taane; waan qorannaa gara ragaatti geeddaree; Hadha keessa dhaabee kaleessa si yaadachiisuu fi boru sitti akeekuudha. Maal kana qofa! keessaa fi ala keellee akka fuulletti kan sitti agarsiisuu, Hamma ati geettu kan matumti keetuu hin beenne safaree kan sitti beeksisuu fi amantaa soba ture ragaa dhugaatiin bakka buusee, sobicha fanfansee kan dhugaa sitti aansuudha.

Haa ta'u malee namoonni hedduu gocha saayinsii kana amantaa ofii qabaniin wal jala dabarsuudhaan

kan fudhataniidha. innis amantaa sobaa sana; ragaa dhugaa saayinsii san gochuudhaanii fi ragaa dhugaa saayinsii kana ammoo; amantaa sobaa san gochuudhaani.

Gochi kun namoota hedduu biratti keessattuu ammoo itoophiyaanota biratti kan barameedha. kana qofas miti, Ragaalee saayinsiin qorannoon mirkaneessee dhiyeessu kana fudhachuu namoonni akka cubbuutti / balleessaatti ilaalanis danuudha. isa biras dabree ammoo namoonni saayinsima mataasaatuu akka haraamaatti/ dhoorkaatti ilaalanis qubaan hin lakkaawaman. Osoo asirrattuu hin jettu! Namoota saayinsii fudhatanii itti amananis akka saree roobaatti jibbu. Wonti nama ajaa'ibu garuu namootuma ilaalcha akkanaa qaban kanneenii fi biyyuma isaan keessa jiraatantu duubatti hafoodha.

ilaalchi jibbaa akkanaa kun ammoo jecha *"misantrophy"* jedhamuun kan ibsamuudha. innis

jecha giriikii *"misos/jibba fi "anthropos/Nama"* jedhan irraa kan wolitti dhufe yoo ta'u; Nama jibbuu ykn jibba namni namaaf qabu agarsiisa. Isa qofas miti woliigala waan jibbamuu hin qabnee kan ilmi namaa jibbuu fi tuffatuus kan agarsiisuudha. Namootni ilaalcha kana qabanis namoota kallattii dogongoraa irra jiran qofadha. Kunis jibbi isaan waan jibbamuu hin qabne irratti qaban kun isaanuma kan miidhu ta'uu isaati. kun waan biraa osoo hin taane isuma *"ufumaa balaa ofitti sheematuu"* jedhamu saniidha. Misanthropy kanaaf ammoo itoophiyaa fi itoophiyaanonni fakkeenya gaarii ni ta'u. Waan silaa jibbuu qaban jaalatu, kan jaalachuu qaban jibbu. Faallaa!

Nama ajaa'iba! gaafa inni ilaalcha saayinsawaa qabu qaroominaan fakkeenya ta'u itoophiyaanonnii fi kanneen akka isaanii ilaalcha okkolaa saayinsii irratti qabachuudhaan duubatti hafummaadhaan fakkeenya

ta'u jechuudha.

"Kan gaarii dalage ofumaafi, kan gadhee dalages ofumarratti" akkuma jedhamu Ilaalchi okkolaan kun itoophiyaa fi biyyoota akka isheetis akka sareetti akka duubaan shulshulan kan isaan taasisee fi kufaatii hin kaaneef kan isaan saaxilaa jiruudha. Haa ta'u malee rakkina miisantiroofii kanaan nama mudatu hir'isanii kufaatii irraa baraaramuun ni danda'ama. Kanas waan jibbamuu hin qabne jibbuu kana jaallachuutti jijjiiruun ni danda'ama. Kanas wonta *"Ambivalence"* jedhamuun beekkamu fayyadamuudhaani.

Ambivalence'n waan tokkorratti Amantii ykn deebii wolitti bu'u ykn wol dhabu qabaachuu fi Ilaalcha posotivii fi negatiivii waan tokkorratti qabaachuu kan ibsuudha. Kaayyoon isaatis lameen keessaa isa gaarii ta'e filachuuudha. Haaluma wol fakkaatuun waan tokko irratti miira jibbaa qofa qabaachuu osoo hin

taane miira gaariis hamma tokko wonticharratti qabaachuu qabda jechuudha. kana gochuuf ammoo hubannoo sababa jibbituu fi jaalattuu qabaachuu qabda. kanaaf ammoo gamaaggamni qaama duree hariiroo kanaati jechuudha.

Kana yoon jedhu wonta tokko yoo jibbitu/jaalattu; wontichi waan jibbamuu/jaalatamuu qabuufin jibbe/jaalladhe moo akkanumaan jibbaa/jaalachaa jira jettee gamaaggamuutu sirra jira jechuudha.

Kanaan ala yoo hariiroo kana fayyadamuun ilaalcha dogongoraa Saayinsii irratti qaban kana hin Sirreessine ta'e; gonkuma gara fuulduraatti tarkaanfachuun namootaa waan yaadamuu miti.

Ilaalcha jibbaa kana mogaattis wonti tokko ni jiraata. Innis ilaalcha kana haasaan ykn dubbiin hin taaneen/ashaatiin saabbaa dhahanii/makanii Shalfuun kun of bira dabree namootas miidha. Kanaaf yoo jibbites ofuma keessatti jibbi malee jibba kana ol

baastee waan jibbitu sana ashta taanaan; nama waan ati jibbitu san jaalatu aarsuu/ mufachiisuu fi isa jibbuus ta'ee jaallachuutti hin jirre ilaalchi kee yoo ilaalcha dogoggoraa ta'e; ilaalcha kee saniin akka ukkaamfamu taasista waan ta'eef jibbitus hin shalfiin!

Ilaalcha okkolaadhaan gunnaabamanii saayinsii dhabuun namootaa kun akka rigata rigameetti kan ummata kuffisaa jiru waan ta'eef saayinsii hubatanii ilaalcha okkolaa kana gara ilaalcha saayinsaawaa tti jijjiirachuu qabu. Sababni isaas saayinsiin kun wontoota ummata haalaan tarkaanfachiisaa jiran keessaa isa ijoo waan ta'eefi.

Kana yoon jedhu tarkaanfachiisuun isaatis kan tarkaanfachiisa ta'u yoo tarkaanfataan jiraate qofaadha. kunis jiraachuu isaa qofaan osoo hin taane fudhachuu fi itti hojjachuundhaan yoo dabaalamee qofa tarkaafachiisuun isaa kan dhugoomuu danda'uudha. Kanaaf saayinsitti amananii

fudhachuun of bira dabree namootas tarkaanfachiisa waan ta'eef itti dhimmamuu fi itti dhimbahuun waan baay'ee murteessaa dha.

"Science is the key to our future, And if you don't believe in science, then you're holding everybody back"/ saayinsiin furtuu fuuldura keenyaati, yoo itti hin amantu ta'e ammoo nama hundaa duubatti deebisaa jirta". **Bill Nye**

Dabalataanis wonti saayinsii jedhamu kunii fi maloonni isaalleen wantoota yeroo gabaabatti kalaqa beekkumsaa keessatti gahee guddaa taphataniidha. kun ammoo wontoonni hundi beekkumsaan haa kalaqaman malee beekkumsis waan kalaqamu ta'uusaa kan nama hubachiisuudha. Eeyyen saayinsiin beekkumsuma waa kalaqu kanayyuu kan kalaquudha. Kanaaf ammas saayinsii hubatanii fudhachuun nama hunda irraa eegama.

Inni biraan ammoo wontoota gara garaa ilaaluun, dhaggeeffachuun fi hordofuun addunyaa duuka bu'uun kunis saayisima. Sababni isaas saayinsiin waa'ee oolmettii addunyaa keessattis waan dursu waan ta'eefiidha. Kanaaf wontoota akka miidiyaalee fi kkf kanneen waa'ee saayinsii dabarsan hordofuun barbaachisaadha.

Gabaabumatti haala salphaa ta'een saayinsii hubachuuf waan NOS(Nature of science)/Uumama saayinsii jedhamuun beekkamu hubachuun barbaachisaadha.

NOS'n; saayinsiin maal akka ta'e, beekkumsi saayinsii akkamitti akka maddu kan ibsuu fi namoonni ilaalcha saayinsawaa akka qabaatan kan taasisuudha. Akkasumas NOS'n adeemsa yaadrimee mala saayinsaawaa agarsiisuu fi wonta yaalii dhaabbataa of keessaa qabu waan ta'eef waa'ee isaa sirritti

hubachuun barbaachisaadha.

Ijoon dubbii; namoota duubatti hafanii jiraniif dhimmi saayinsii kun waan akka laayyootti ilaalamuu hin qabnee fi yeroon itti kennamuu hin qabnedha. sababiin isaas worroonni afootti furguggifamanii of duubatti isaan ilaalaa jiranii fi gubbaa isaaniirraa lafatti isaan gadilaalaa jiran kunneenis namoota isaan caalan ta'anii osoo hin taane itti fayyadamummaa saayinsii fi sammuu ofiitiin waan isaan caalan qofaafiidha.

"Garaagarummaan/ wolcaalmaan namootaa sammuutti fayyadamuu fi dhabuu malee namni hunduu wolqixa". **Iyyaasuu Tarrafaa**

Haa ta'u malee namoonni baay'een namoota isaan caalan akka waan uumama addaa isaaniin addaatti ilaalu; isa biras dabree Kan akka uumaattis isaan ilaalu hin dhabamu. Haa ta'u malee uumamumatu uumama akka uumaatti ilaalaa jira malee dubbiin

ilaalchuma ta'uusaati. Dhuguma akkuman ani jedhe dubbiin ilaalchuma ta'uu saayisiitti fayyadamuun ykn raawwiitti jijjiiruun mirkaneessuun ni danda'ama. Kan raawwatanii mirkaneessuun barbaachiseefis bu'aan argaa fi dhageettiin qofa waan beekamu Osoo hin taane raawwachuutu mi'aa isaa nama dhamdhamsiisa waa ta'eef; isan ani sitti hododaa oole kana raawwiitti hin jijjiirtu taanaan bu'aa dhugaa saayinsii arguu hin dandeettu. Kanaaf gochatti jijjiirutu sirra jira!.

Mataa dubbii yoon sitti hime Saayinsii fudhattee raawwiitti jijjiiruun uumamumatu uumama akka uumaatti ilaalaa jira malee uumamni uumamuma ta'uu mirkaneeffachuu qabda!, Kun taanaan furmaata! Ta'uu dhabee akkuma namoota si gatanii waan akkamitti danda'amee hojjatame nama jechisiisu hunda hojjatan sanneen ajaa'ibsiifattetti hafta taanaan akkuma haftetti hafuu keeti.

Kun isuma dura siif kaase saniin tokkuma; wonti hunduu gahee ofii qaba. Dinqisiifannaanis bashannaaf malee faaydaa biroo hin qabu waan ta'eef yeroo gocha ajaa'ibsiifachuutti gubdu, yaalii ajaa'ibsiifatamuuf gootu keessa oolchi. kana bira dabrees ajaa'ibsiisaa caalaa ajaa'ibaiifataa ajaa'ibsiifachuun matumti keetuu ajaa'ibsiisaa ta'i.

Wolumaagalatti saayinsiin Kun wontoota kufaatii keessa jirru keessaa nu baasan keessaa Isa tokkoodha. Kana biras dabrees waan addunyaatti nu qixxeessuudha. Kanaaf worra kufaatii nafatti fudhatee of dagate malee worra hifatee mala dhabeef saayinsiin furmaata guddaadha. worra of dagatee otuu dhagahuu Beekaa gurra cufate maleellee worra of dagatee gurraan dhagahus dammaqsee of yaadachiisa.

Maaliin? Saayinsiin.

BOQONNAA 4
Teeknoolojii

Teeknolojiin(technology)'n wontoota meeshaalee (material) fi miti-meeshaalee(immaterial) namaan tolfaman agarsiisa. Wontonni kunniin (meeshaalee fi miti-meshaaleen kunniin) ammoo kanneen rakkoolee addunyaa kanaa furuuf fayyadaniidha. Kanas hiikuma maqaasaarraa hubachuun ni danda'ama, maqaan kunis jechoota Giriik "*Teeknii/ogummaa (dandeettii harkaa) fi loojiyaa/kuusaa meeshaalee*" jedhaman irraa wolitti dhufee *technology* ta'ee hiika "*meeshaalee harka namaan kalaqaman*" jedhu kennuudha.

Kaayyoon meeshaalee kanneenii ammoo namootumaan qalaqamanii namootuma furuudha. Namoonnis ammoo yeroo tokko miidhamanii/ifaajanii waan umrii guutuu isaan fayyadu kalaqu. Kanumaaf teeknolooojiin hariiroo meeshaalee/miti-meeshaalee

fi namoota gidduu jiru kan mul'isu ta'e.

Hariiroon kunis ammoo sababa namootni beekkumsa/dandeettii isaanii bifa meeshaa/ miti-meeshaatti geeddaranii itti fayhadamaniifiidha.

Asumaan teeknolooojiin beekkumsa/dandeettii namootaa bifa meeshaa/ miti-meeshaatiin qindaa'e ta'uusaa hubatamuu qaba. Kun ammoo kan ta'eef sababa wonti hundi sammuu qofa keessatti hin raawwatamneefiidha. Kanaaf ammoo wonta sammuu keessatti beekan garuu kan bahu malee sammuu keessaatti raawwatamuu hin dandeenye kanniin maloota gara garaatti gargaaramuun gara alaatti baasanii raawwachuun dirqama. Maloota sanniin keessaa ammoo teeknoloojiin isa duraati.

Kun ammoo ammas teeknoloojiin wonta yaada gochatti jijjiiru ta'uu nu hubachiisa. Bu'aan teeknolooojii inni guddaanis kanuma; waan abjuun argan qabatamatti jijjiiree namatti mul'isuu kana

jechuu kooti.

Fkn: yoo ati Itoophiyaa keessaa teettee abjuun Awurooppaa irra naanna'uu abjotte xiyyaarri ammoo abjuu kee qabatamatti jijjiiree irra si naannessuu danda'a.

Kun ammoo wonti salphaan harka namaatiin kalaqame waan salphaa hin taane/ulfaataa salphisuu akka danda'u agarsiisa. Kunis teeknoloojiin wonta salphaa yeroo fi humna qusachuu keessatti shoora guddaa taphatu ta'uu agarsiisa.

Kanumarraa ka'uun teknooloojii jecha "*Salphaa fi salphisaa/Simple and simpler*" jedhuun haaluma salphaan hubachuu dandeenya. Sababiin isaatis jechoonni teeknolojii ibsan baay'ina irraa kan wolii qabatan waan nama wollaalchisuufiidha.

Garuu qabatamee qabatamuu dhabee teeknoloojiin waan wolgatuu namootaaf sababa ta'u ta'uu hubachuun barbaachisaadha. Kana mirkaneessuuf

worroota teeknoloojiitti fayyadamanii fi kanneen teknooloojii hin beekne ilaaluun qofti gahaadha.

Gaafa namni keenya itti jooree bakka ofii oolee galu hin beekne, worri teeknoloojiin fagaate ammoo fageenyaa bakka inni oolee galu beeka.

Kana egaa bakka wol hin aginee wol arguu, bakka wol hin dhaqqabnee wol barbadeessuu fi waan hin danda'amu jedhamu hunda danda'amsiisuu kan danda'e teeknolojiidha.

Akkamitti kun ta'een worra teeknoloojii hin beeknetti gaaffii ta'uu danda'a, deebiin gaaffichaa ammoo teeknoloojii beekuu fi itti fayyadamuu qofa. Deebichi ammoo yoo raawwatanii hin mirkaneessine; dhagahanii callisuun qofti deebicha dogogongora taasisa waan ta'eef dhageetti gara gochaatti jijjiiruun nama hunda kan ilaallatuu dha. Kun hin ta'u taanaan; arganii dhagahanii callisuu kun akka namoonni

teeknolojii beekanii maalummaa isaa hin hubanne taasisee, taasisaas jira. Dhagahaniituma callisuu kana! Kanaaf waan dhagahan hunda dhugummaa isaa mirkaneessanii fudhatanii raawwiitti jijjiiruun nama hunda ilaallata. Akkuma jechaa jiru waan dhagahan hunda raawwiitti jijjiiruun barbaachisaa miti, garuu ragaalee qabatamaa ofii beekanii fi kan hin beeknes funaannatanii wol madaalchisuudhaan dhugummaa fi barbaachisummaa isaa mirkaneeffatanii fudhachuutu barbaachisa. Kana ammoo teeknolojii hubattee raawwiitti haa jijjiirtuufin kaase.

Wonti hubatamuu qabu ammoo teeknolojii sirritti akka worra kaaniitti hin beekne, nuu hafa jechaan jira malee inumaayyuu hin beeknu jechaa hin jiru. Sababni isaas namootni biyyuma tana keessa taa'anii teeknolojii sirritti hubatanis waan jiranii fi hagattiini nuti sochii guyyaa guyyaan taasifnu keessatti itti gargaaramnus teknolojiidhuma waan ta'eef.

Haa ta'u malee arginemaaf itti tajaajilamaa jirra malee maalummaa isaa kan beeku akkuma jechaa jiru hagoodha. Ta'us hagoon beektu hanga beektu namoota barsiistee Addunyaa tti qixaahuutu furmaata jechaa namni hundinuu gurraa qabaachuu qaba. Kun ta'uu baannaan hanqoo beekuun qofti beekumsa hin taatu, kanaaf eega beeknee sirriitti beeknee itti fayyadamnee addunyaatti qixxaahuun maqa badiis hin ta'u waan ta'eef namni hundi osoo beekee itti fayyadamee waan bareeda.

Bari! teeknolojima beekuu fi dhabuutu Osoo namni keenya fardaa fi gaangeen tiratu inni kuun ammoo makiinaa fi xiyaaraan akka irra maru taasisa. Kana yoon jedhu Fardaa fi gaangeen haa dhiifamu jechuu Osoo hin taane nama woliin dorgomtu dorgumuuf Waan isaa gadiitiin dorgomtee dorgomaa hin taatu, kanaaf gaangee fi fardas bakka fayyadamuu qabdutti inuma fayyadamii yeroon kaan ammoo kaaniin

qixaahuuf kanuma inni fayyadamu fayyadami.

Ammas teeknolojiin misooma saffisiisuu keessattillee wonta dorgomaa hin qabneedha. Kanaaf worroonni hojii misoomaa hojjatan hundi teeknolojiitti fayyadamuu qabu jechuudha.
Fkn: Qotee bulaan tokko woyta hojii qonnaa hijjatutti harkaan; qotuu, facaasuu, fi haamuu irra gara maashinootaan raawwachuutti jijjiiruu qaba. Yoosan qisaasama; yeroo, humnaa fi qabeenya(oomisha) isaa irraa wolaba ta'a waan ta'eef.

Kana qofaa miti teknolojiin; teeknika(karaa wonta tokko ittiin hojjatan), meeshaalee wontoonni garagarii ittiin hojjataman(maashinoota), Wontaadaa, 'meeshaalee harkatti qabatan(Fkn: bilbila harkaa/ mobile phone fi kkf), wontoota hintuqnee ta'an(fkn: Network) fi kkf hunda hammata. Kanaaf namoonni wontoonni armarratti tuqaman kunniin hundi

barbaachisu itti dhimma bahuun waan isaa hunda salphumatti qusachuu danda'a.

Na dhiisuu dideefin deddeebi'ee haasa'a malee akkuma dura jedhee ture jabana ammaa kana keessa wonti marti teeknolojima, kanarraa kan ka'e jechoonni teeknolojii ibsanis tokkoo lama akka hin taane himeen ture.

Kanaaf ammoo gabaabumatti teeknolojiin wonta jireenya salphaa, gammachuu fi milkaa'aa taasisu, rakkoo furu, yaada gahu, fi waa hunda. Kanaaf namni hundi teeknolojiitti fayyadamuun jireenya akka fooyyefatuu fi addunyaa woliin akka dorgumu jechuumaafan irraa deddeebi'a.

Inni Kan biraan ammoo; teeknolojiin Kun ofumaan lafaa ka'ee Waan sadarkaa kana gahe miti, dhamaatii fi xaarii hedduu fixeeti. Kanaaf ammoo worroonni teeknolojiin akka as gahee nu furu taasisan hedduudha. Haa ta'u malee namni teeknolojiif

bu'uura kaa'e namuma tokko innis nama lammii ameerikaa *toomaas edison* jedhamutu Yeroo jalqabaaf laabiraatoo qo'annaa industirii(industrial research laboratory) kalaquudhaan teeknolojiif bu'uura nama kaa'eedha. Eeyye namuma malee uumama biraatii miti.

Maarree na dhagahi waahin sitti himuu deemaa, teeknolojiin Kun waanuma lafaa ka'ee ofiin argamu akka hin taane sitti himaan jira, garuu wonta kalaqaan argamuudha. Kalaqa yoon jedhu Waan biraa miti waanuma sammuun Kee maddisiisuu danda'uu dha. Wonti kun waan haaraa namni kamuu kanaan dura hin beekne ta'uu danda'a. akkuma namicha reefuu sitti hime san waan haaraa kalaquu dandeetta jechuudha.

Gaafa kana goote akkuma waa'ee Toomaas edison anaa fi ati wolitti himaa jirru kana; namoonni biroos waa'ee kee wolitti himu jechuudha. Kun ta'uu ammoo

namoonni akka hin taane barbaadan ni jiru jedhee hin yaadu. Kanaaf yoo ati harka marattee taa'uu dhabdee yeroo kee yaaliirratti dabarsite waan ta'u ta'uu hin shakkin. Kanarra gurrarratti si hidhuuf hin toluu jabaadhuu yaali!

Ammas Wonti hafe Yoo jiraate; wonti namoota biratti baayyinaan mullachaa jiru ufunee ta'uu tokko. Kana yoon jedhu waan beekan wol dhoksanii ofii qofa itti fayyadamuu tokkotu nama hedduu biratti mul'ata. Namoota akkasii kanneeniin waan baayyee hin jedhu, ilaa ati waan beektu nama dhokfatteef wonti ati nama Caaltuun hin jiru, caaltus ammoo waan hundaan waan Caaltu sitti hin fakkaatin, waa hedduun namni si caala. wanti ati osoo beektuu ukkaamsitee dhoksitu kun boodarra dhoohuun isaa hin oolu. Kanaaf akka galatallee siif ta'u har'uma baasii nama barsiisiin dhaamsa kooti.

Walumaa galatti inni teeknoloojii hin beekne baree, kan beeku ittiin of qaree qarooomeenii, isa hin beeknes barsiisee, barsiisuu qofa miti akka itti fayyadamu harkaan qabsiisee, teeknoloojiillee akka qabataa tolutti mijeessee jennaan wol utubee qajeela.

Kun ta'uun worra kufee jiru hunda kan ilaallatuudha. Kufuu yoon jedhu isuma lafa dhahanii jigan san hin se'inaa, kan an jechaa jiru kufaatii dhaabatatti kufaniidha.

Kufaatii dhaabatatti kufan kanaaf ammoo akka kufaatii lafa dhahanii San gufatanii ykn mucucaatanii hin kufan garuu wontoota akka teeknolojii fi kanneen kitaabni Kun irratti xiyyeeffatu hunda dhabuudhaani. Kun ammoo teeknolojii dhabuun wontootaa kufaatii dhaabatti kufaniif nama saaxilan keessaa Isa tokko ta'uu agarsiisa. Kanaaf kufaatii kana keessaa bahuuf teeknolojii hubatanii itti fayyadamuun furmaata Isa ijoodha.

BOQONNAA 5
Barnoota

Barnoonni maqaan waaltawaan inni ittiin beekkamu jecha laatiin *"Educatio"/"guddisuu*" jedhurraa kan bahee "*Education*" ta'e kanaadha. innis adeemsa suutaa jireenyaa fi amala namaa irratti jijjiirama posotiivii fiduudha. Kana jechuun akkuma maqaan isa ibsutti jireenyaa fi amala namaa isa duraarra ol guddisa jechuudha. Akkasumas barnoonni adeemsa; beekkumsa argachuu fi Qajeelfamootaa fi hojiilee qabatamaa birootiin beekkumsicha qooduuti. Kun kan ibsu barnoonni adeemsaa fudhachuu fi kennuu kan ibsu ta'uusaati.

Yaanni fi raawwiin barnoota ammayyaas jaarraa 16ffaa irraa qabee awurooppaa keessatti babal'achuun addunyaa hunda qaqqabaa kan dhufe yoo ta'u namni *Horace mann* jedhamu yeroo jalqabaaf

barnoota ammayyaa kanaaf bu'uura kan kaa'eedha. innis barattootaaf sirni ogummaa barsiisotaa kan sirna barnootaa qindaa'aa barsiisu akka jiraatuuf mul'ta ofii kaa'eera.

Egaa kun dhufaatii barnootaa isa jalqabaa yoo ta'u namoonni barnoonni kun akka jiraatuuf bu'uura kaa'an kunneen worra waa irraa waa baratuuf beekamuu waan qabaniif adada wanni barnootaa ka'uun namonni barnootaaf bu'uura kaa'anis ka'uu waan qabaniifin kaase.

Mee amma akka hubannoof nuu toluuf dursinee gosoota Barnoonootaa gurguddoo sadan ilaalla. Sababni isaas barnoonni eessattiyyuu fi yoomitiyyuu argamu isaaniin al Kan hin baane waan ta'eefiidha.

Isaanis barnoota:-

1) **Sirnaawaa(formal):** Gosa barnootaa; galii, qabiyyee

akkaataa hojii haala ilaallatuun sagantaalee barnootaa murtaawoo fayyadamuun gosa leenjii qindaa'aa fi malaawaa sadarkaalee murtaawoo adda addaa irratti kennamuudha. Kunis beekkumsa madaalawaa dhabbiilee barnootaa akka manneen barnootaa, koolleejjotaa fi yuunivarsiitotaa irraa namoota ga'umsa qabanii fi ogummaa isaa qabananiin kennamuudha.

2) **Hanqo-sirnaawaa(unfill-formal):** Kun ammoo barnoota Cinaan isaa sirnaawaa ta'eedha. Kanaaf manneen barnootaa fi dhaabbilee barnootaatiin alatti kan taasifamu yoo ta'u; Kan worroota ga'umsa qaban ilaallatuudha. Isaanis kanneen dandeettii dubbisuu, barreessuu fi ofiin hubachuu qabaniidha. Kun ammoo wolitti dhufeenya barsiisaa fi barataa gidduu jiru Kan hir'isuudha. Sababni inni worroota ga'umsa qaban ilaallatuufis kanumaafi; isaan gargaarsa barsiisaatiin alattis ofiisaaniitiiyyuu dubbisanii waan barbaadan

hubachuu waan danda'aniifi. Kun ammoo gosti barnootaa kun kan nama dubbisuu fi waan dubbifamu qofa gidduutti taasifamu ta'uu isaa Kan agarsiisuudha.

3) **Miti-sirnaawaa(informal):** Inni Kun kaawwan lameen irraa Kan Adda ta'ee fi barnoota Oolmaa guyyaa guyyaa keessaa argataniidha. Jechuunis barnoota sirna isaa eeggatee sirnaan baratamu miti, Kan itti yaadame ykn itti karoorfames miti. Gosti barnootaa Kun miidiyaalee hawaasaa gara garaa, Naannoo keessa jiraatanii fi namoota Adda addaa irraa argachun ni danda'ama. Kunneenis kanneen akka:- afaan haasaa barachuu, aadaa fi duudhaa hawaasaa, fi qormaatawwan bu'aa bahii jireenyaa keessatti nu mudatan hunda dabalata. Kun isa hayyichi tokko akkas jedhee ibsuudha. *"Barnoonni jirruuf qophaa'uu miti; jiruun matumti isiituu barnoota.* **John Dewey**

Jecha hayyuu kanaarraa barnoonni waan dhuma hin

qabne fi adeemsa guutuu jiruu keenyaa akka ta'eedha.

Gosa barnootaa miti sirnaawaa kana fedha keenyaan alaattis argachuu dandeenya. Inumaayyuu dirqiinis ta'uu mala kan nuti gosa barnoonootaa kana argachuu dandeenyu. Dirqiin kunis dirqaalota (conditional obligations) fa'a dabalata.

Isaannan duraa lameen garuu fedhaa fi jaalala nuti waa beekuuf qabnu irratti hundaa'uun qofa Kan Argachuu dandeenyuudha. Fedhiin/jaalalli kunis isa arganiif qofa fedhanii; dhabamu ammoo dagatan San miti. Isa akkeessaa namaatiif jecha fedhan sanis miti. Garuu jaalala/Fedhii cimaa beekkumsaaf nuti qabnutu gosa barnotaa lameen duraa sannniin Argachuu murteessa. kunis Yeroo hedduu jecha *"Epistemophilia"* jedhamuun kan ibsamu yoo ta'u jaalala daangaa hin qabne Kan nuti beekkumsaaf qabnu agarsiisa. Kanumatu waan kamiyyuu baruu fi

dhabuu keenya murteessa. Wol caalmaan namootni beekkumsaan qabanis kanumaan murtaa'a. Jaalalumaa fi jibba barnootaa kanaani malee oso namni hundi jalalas ta'ee jibba wol qixa qabaatee hunduu wol qixa.

Dhugaadha! Kan Amma caalamnee duuba jirruufis kanneen nu caalan caaloo ta'aniiti miti, garuu barnootaan of baruu isaaniitu nu isaan caalchise. Nuti ammoo Barnoota dhabuu keenyatu akka of barree of fayyadnee ofiin hin fayyadamnes nu taasise. Barnoota kan nu dhabsiise ammoo haala qofa osoo hin taane barnootaaf fedhii dhabuun keenyas sababa guddaa barnoota dhabuu keenyaati. Akkasumas barnootumaaf fedhii dhabuu keenyatu waan feenuyyuu akka dhabnu nu taasise.

Akkuma duratti siif kaasuuf yaale; Barnoota yoo jedhamu waan baratamu qofa kan mul'isu miti, garuu

jijjiirama:- amalaa, sammuu, qaamaa fi qabeenyaa wontichi baratame sun fidus Kan agarsiisuudha. *"Education is not the learning of facts, but the training of mind to think"/"Barnoonni dhugaawwan baruu Osoo hin taane; sammuun akka yaadduuf leenjisuudha".* **Albert Einstein**

Akkasumas Barnoonni Adeemsa *metacognition* jedhamu kana keessatti shoora olaanaa qaba. Adeemsi kun ammoo waan beektuuf hin beeknes beekuu agarsiisa. Kanaaf ammoo barnoonni waan beektuu fi hin beeknes akka beektu si taasisa jechuudha. Kana jechuun wonni ati hin beekne kan si jalaa hafe jiraachuu fi kan beektu ammoo akka daranuu beektu si taasisa jechuu dha. Barnoonni...

Inni kan biraan ammoo akkuma kaasuuf yaallee turre barnoonni karaalee beekamoo lamaan argama. Isaanis akkuma wonni baaya'een kennamee

fudhatamu barnoonnis kennamee fudhatamudhaanis Kan argamu ta'uu agarsiisu. karaaleen kunneenis *baruu barsiisuu* jedhamuun beekamu. Asitti wonti hubatamuu qabu karaaleen kunneen isaan beekamoodha jechaa jirra malee barnoonni karaa kanaan qofa argama jechuu miti.

1) **Barsiisuu(teaching):** karaa barnoonni kennamsaan Itti argamu yoo ta'u; adeemsa beekkumsa qaban Qooduuf hayyamamaa ta'uu fi qooduuti. Wonti qoodamu Kun ammoo Isa qooduuf waan beekkamu fi Isa qoodamuuf ammoo waan hin beekkamnee fi beekkamuu qabudha. Kun ammoo gochi barsiisuu Kun nama waa beeku hunda Kan ilaallatuudha. Jechuunis "nama ogummaa isaatiin leenji'e ykn nama barsiisummaa barate qofatu hojii barsiisuu kana gaggeessa" ilaalchi jedhu sun dogoggora dha. Kanaaf barsiisuun namoota waa bekan hunda ilaallata.

Namni waan beeku isa hin beekneef qooduun salphaa

ta'uu mala. Garuu Isa hin beekne saniif dhimma jijjiiramuunii fi guddachuun isaa ittiin murtaa'uu fi akkaa fi bakka inni itti deemu kan itti akeeku ta'uu danda'a. Kanaaf namni hundi qixa hin beeku waan ta'eef beekkumsa woliif qooduu kana aadaa godhachuun barbaachisaadha. Haa ta'u malee gochi barsiisuu Kun baruu irratti Kan hirkatu waan ta'eef; Baruun yoo hin jiraanne barsiisuunis hin jiraatu, kanaaf qoodaan qoodamaa malee waan hin tolleef jiraachuun qoodamaatis dhimma ijoodha. Kana jechuun akkuma barsiisuun nama waa beeku hunda ilaallatu baruunis worra waa baruu qaban hunda kan ilaallatuu fi fedhii addaa waa baruu kan namootarraa barbaaduu dha.

2).Baruu(learning): Adeemsa waan haaraa Ofitti fudhachuu fi waan dura beeknuun wolitti maknee waan dura beeknu Sana gabbisuu ykn guutumatti jijjiiruuti. Adeemsa kanatu jecha *constructivism*

jedhamuun ibsama Inni Kun akka barsiisuun isarratti hirkatu, kun ammoo barsiisuu irratti hin hirkatu; jiraateef malee barsiisuunis dhabamnaan jiraachuu danda'a jechuudha.

Adeemsi baruu kun karaalee 3'n adeemsifamuu danda'a. Kunis akkaa fi haala waa itti barachuu dandeenyu irratti hundaa'uudhaan waa baranna jechuudha. Karaaleen sadeen kunneenis:-

a) **Redundant condition (haala irra deddeebii):** Adeemsa Taateewwan irra deddeebiin ta'an ykn wontoota nuti irra deddeebiin arginu irraa waa barachuuti. Kun ammoo wonta yeroo tokko qofa arginuu/dhageennuu caalaa Wonta yeroo baay'ee arginu/dhageennu irraa carraan waa barachuu keenyaa ol'aanaa ta'uu isaati. Karaan kun karaa waa barachuuf baay'ee murteessaa ta'e waan ta'eef wontoota barachuu barbaannu hundaa irra deddeebiin ilaaluun/dhagahuun waan sana barachuu qofa osoo hin taane waan baranne

sana akka hin daganne nu taasisa. Dabalataanis karaan kun karaa waan barachuu barbaannu sana hubannoo isaa sirritti nuu cimsuudha. Kanaaf waan baratamu hunda Barnoota sirrii taasisuuf hubannaa isaa sirritti qabaachuu qabna waan ta'eef haala irraa deddeebii kana irratti xiyyeeffachuun baay'ee barbaachisaa dha.

2) **Operant Condition (haala bu'aa fi miidhaa):** inni kun Ammoo haalota fokkatoo/miidhoo fi bareedoo /bu'aafamoo irratti hundaa'a. Kunis wontoota gaggaarii ykn bu'aa qaban kanneen yaada namaa harkisan wonti irraa baratamus akkasuma carraa heddummaachuu hedduu qaba. Haa ta'u malee wonta badaa/miidhaa fi ofirraa nama dhiiban irraa wonti baratamus xiqqaadha, ykn ammoo hin jiruuyyu jechuun ni danda'ama.

Kun kan ta'eef ammoo uumamuma namoota hundaatu wontoota gaggaarii ykn bu'aa qaban kan

miira isaatti tolan kan barbaadan yoo ta'u wontoota babbadaa/gadhee miira namaa hin harkifne hin barbaadan. Kun ammoo yaad-qalbiin namoota hundaatuu wontoota gaggaarii ykn mimmiidhagoo ta'uu mul'isa.

Karaan kun karaa nuti wontoota gaggaarii fi gadhee adda baafnee beeknee isa miira keenya harkisu ittiin hordofnuudha. Kanaaf wontoota gaggaarii Yeroo hedduu hordofuun carraan waan gaarii barachuu keenyaa ol'aanaa ta'uu bira dabree miira gaarii waan nu keessatti uumuuf wantoota gaggaarii hordofuun baay'ee murteessaa dha.

3) **Mimic (akkeessaa):** Inni kun amala ykn gocha nama Biroo ilaaluudhaan gochuma isaa San raawwachuu mul'isa. Innis waan nuti hin beeknee fi kan namni nuti irraa ilaallu/akkeessinu sun beeku Yoo ta'u waan sammuu nama birootiin uumametti fayyadamuu agarsiisa. yeroo kanatti waan haaraa baranna

jechuudha.

Gochi kun yeroo hedduu daa'imman biratti kan mul'atuudha. Sababni isaas Daa'imman yeroo hedduu of danda'anii yaada haaraa ofirraa kaasanii maddisiisuu waan hin dandeenyeefii dha. Kana yoon jedhu namni guddaan gocha akkeesaa kana hin raawwatu jechuu miti, raawwatuu hin qabu jechuus miti; Namoonni gocha kana raawwatan hedduudha waa ta'anii fi raawwachuus waan qabaniif.

Haa ta'u malee akkeessanii waa barachuu ykn akkeessanii gocha nama biraatti fayyadamuu kana akka fafaatti ilaalutu namoota hedduu biratti mul'ata. Ilaalchi akkeessaa akka fafaatti ilaaluu kun ilaalcha okkolaa dha. Sababni isaas fafni waa barachuuf akkeessuu fi itti fayyadamuuf akkeessuu osoo hin taane; akkeessanii kan ofii fakkeessutu fafa fafa caaleedha. Hamma waan akkeessan sana kan ofii hin fakkeessinetti waa akkeessanii waa barachuu fi itti

fayyadamuun waan dhoorkamu miti, inumaayyuu kan barbaadamutu isa.

Wonti akkeessamu kunis gadhee fi gaarii ta'uu waan danda'uuf daa'imman gadhee fi gaarii adda hin baafatin gaariis ta'ee gadhee akkeessuu danda'u. Kana yoon jedhu namni gadhee fi gaarii adda baafate hundi gaarii qofa akkeessa jechuu miti. Sababni isaas inniin guddatee of baree,gaarii fi gadheellee addaan bares waan gaarii dhiisee waan hin taane qofa akkeessaa jiraachuun waan mul'ataa jiruufii dha. Kanaaf ammoo osoo fagoo hin deemne fakkeenya tokkon siif kaasa; Innis kanuma yeroo ammaa kana namni biyya keenyaa hedduun uffata worri adiin tolchatan kanaan ittiin ofdhiibaa deemuu fi akkaataa isaan ittiin uffatan akkeessuu kana dha. Osoo uffannii fi akkaataan isaan itti uffatan kun gaarii ta'ee nama hin ajaa'ibu. Garuu uffata garri caalu tarsa'aa, asiin ol baqaqee achiin gad bu'u hunda akka waan uffata

gaariitti uffatanii, yoo uffata kana uffatanis akka waan qaroomaniitti of ilaalaa socho'uun, kana qofas miti uffata uffatan hunda akka gara garaatti; duubaan kofoo gad buusaa, shinshinii jilbaa olitti deebisaa uffachuun kanas akka waan namaa ol ta'aniitti of ilaalaa dachee dhipisaa socho'uun kun namoota biyya keenyaa biratti beekkamaa akka ta'e wol nama hin gaafachiisu.

Ammas Osoo ofii keennaa waan uffannu hin qabneetii nama hin raaju, Haa ta'u malee inni nuti hin qabne Kan isaan nu calaaniin meeqaatam Osoo jiruu isuma qabnu kana Akka waan addaatti irraa akkeessuu kanatu haalaan nama raaja.

Mataa dubbii waan hin taane akkeessuun Kun waan duubatti nama deebisaa jiruudha. Kanaaf Waan hin taane dhiisanii waan worra guddate guddise qofa akkeessanii irraa barachuun nama duuba jiru hunda Kan ilaallatuudha.

Wolumaagalatti barnoonni worra bare Akka of baranii Kan biroottis ce'an taasisee jira. Garuu worri barnootaaf moggaasa hin taane kennee "*Kan Barnoota barate eessa gahe"* jedhee Kan barate dugda kutee, kan barataa jiru adda kuchisiisee, Kan baruuf jirus abdii kutachiisee, ofii isaatiifis ilaalcha hin taaneen gunnaabamee kufee kufaatii dhaalchisaa jiru bakkuma kufe jira. Haa ta'u malee kufuu osoo hin taane kufanii hafuutu fafa. Ka'uuf ammoo ilaalcha saakalee isa kuffise Kana ofiraa hiikee, isa isaa kufe gufatee kufes kaasee rincica tokko malee barnootatti duulee duulchisuu qaba. *"Gara duulan fuula hin guuran"* jedha mitiiree oromoon!

Kanatu furmaata! Furmaanni argame ammoo isa furmaata dhabeefis karaa furmaataa saaqa. Kaanaaf Kan siif furmaataa Kan biroof gumaaata waan ta'eef gara furmaataatti imaluutu furmaata.

BOQONNAA 6
Qabeenya

Qabeenyi akkuma maqaan isaa isa ibsutti kuufama wanta wohiitiin abboomamu/ hammatamuudha. Kuufamni Kun ammoo Kan namtolchee fi uumaamatti Adda bahan yoo ta'u; Kuufamni uumamaa kunneen akkuma waan birootiin hammataman ofii isaaniitiillee kuufama hammatan qabaachuu danda'u. Garuu namtolcheen hammatamuun ala hin hammatan. Kun ammoo wontoonni uumamaa kunneen wolii isaaniitiif qabeenya ta'aa; ofii isaaniitiifis qabeenya hammatan qabaachuu mul'isa.

Fkn:- Lafti qabeenya lubbu qabeeyyii hundaati, garuu isheenis qabeenya mataashee Kan of keessatti hammatte qabdi jechuudha.

As biratti wonti hubatamuu qabu Kan ilaalaa jirru qabeenya qabaachuu wontootaa malee waa'ee itti

fayyadamiinsa qabeenyaatii miti, isas mata duree addaa jalatti Kan ilaallu ta'a.

Akkuma kaasuuf yaallee turre wonti waan tokkoon abboomamu hunduu qabeenya jedhama. Kun ammoo qabeenyi waan xiqqoo irraa kaasee hamma waan guddaatti jiru hunda Kan mul'isuudha. Garuu Yeroo hedduu namoota biratti wontoota gurguddaa/baay'ee malee wontoonni xixiqqoon Akka qabeenyaatti hin ilaalaman. Kun ammoo namoonni qabeenya xiqqoo ofii qaban tuffatanii guddaa namaaf akka dheebotan isaan taasisaa jira. Garuu dheebotaniif qofa waan dheebuu isaan baasu argachuu hin danda'an waan ta'eef argachuuf falli barbaaddachuun ala taa'aniituma dheebochuun dheebuu malee furmaata hin laatu.

Qabeenyi namtolchee fi uumamatti akka bahan akkuma kaasnee turre; namtolcheen kunniin akkuma

maqaa isaanii Kan namaan tolfamanii namaa fi lubbu qabeeyyiin biroos dhimma itti bahaniidha. Inni Kun Akka Kan uumamaa bal'aa miti. Haa ta'u malee Yeroo ammaa kana qabeenya uumamaa bal'aa caalaa Kan namoonni naannessaniidha.

❖ **Qabeenya Uumamaa**

Qabeenyi Kun Kan uumaan bareechee bilisaan Uumamaaf kenneedha. Heddumina irraa kan ka'e lakkaawanii fixuun nama rakkisa. Haa ta'u malee Yeroo hedduu Kan eddoon guddaan hin kennamneef fi Kanneen hin yaadatamneedha. Garuu isaan kun isaanuma namtolchee namoonni naannessan saniyyuu kanneen fidaniidha.

Qabeenya uummamaa kanneen heddumina isaanii woliin hunda kaasuun ulfaatus hamma tokko akkaataa fi bakka itti argama isaanii irratti hundaa'uudhaan iddoo lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Isaanis qabeenya uumamaa:-

1) **Harkaan tuqamuu/ ijaan ilaalamuu danda'an(tangible)**

kanneen irranatti mul'atan fi dachee keessa jiran Kan qaqqabanii, bakka jiruu fuudhanii iddoo biraa geessuun/ ykn ammoo kan sochoone bakkuma jirutti dhimma itti bahuun nama dandeessisuudha. Isaan kunniin hanga Kan namaan hojjatamanii San ari'amuu dhabanis kanneen namoonni itti tajaajilamanii fi beekkamaniidha.

2) **Kanneen ilaalamuus tuqamuus hin dandeenya(intangible)**

Isaan kun kanneen yaadaan qofa beeknuu fi yaaduma Sana gochatti jijjiirree dhimma itti baanuudha. Isaan kunneen haa arginee qaqqabuu dhabnu malee isaanuma qaqqabaman sanniiniyyuu akka arginee qaqqabnu kanneen nu dandeessisaniidha. Kana jechuun isaan yoo hin qabaanne homaa hojjachuu hin dandeenyu. Gabaabumatti Bu'uura waan hundaa kanneen ta'aniidha jechuun ni danda'ama. Garuu namoota muraasaan ala qananii bilisaan

badhaafaman kana kanneen hin beeknetu baay'ata.

Wonni namoonni hedduun qananii qabeenya kanniinii beekuu dhabaniif namaa galuu dhabus; garuu qabeenyi kunneen kanneen namootuma irra/keessa/bira taa'anii namoota dhokataniidha. Isaanis *Fayyaa fi Yeroodha.*

Fayyaan haala qaamni orgaanizimootaa rakkina tokko malee dalagaalee gaggeessuu danda'uuti. Kana jechuun Orgaanizimoonni hunduu fayyaa malee dalagaalee kamiyyuu dalaguu hin danda'an jechuudha. Kun ammoo fayyaan qabeenya orgaanizimootaa murteessaa ta'uuisaati.

Orgaanizimoonni hunduu fayyaa guutuu qabaachuuf uulaagaalee guutuu qaban qabu.

Fkn: ulaagaaleen namni fayyaa guutuu qabu tokko guutee argamuu qabu 3n:- qaama guutuu qabaachuu, sammuu sirritti yaaduu fi hawaasa keessatti umrii fi

sadarkaa irraa eeggamu guutee argamuu dha. Orgaanizimoonni biroos akkanuma ulaagaa mataasaanii akka qaban ta'uu hubachuun barbaachisaadha.

Yeroon ammoo turtii taateen tokko keessatti ta'u/raawwatu agarsiisa. Taateen kaamiiyyuu turtii wohii taasisu malee hin ta'u; turtii kanatu maqaa waaltawaa yeroo (time) jedhamuun beekkama jechuudha. Kanaafuu wonti kamuu yeroo malee akka hin raawwatamne kan agarsiisu waan ta'eef yeroonis akkuma fayyaa san qabeenya murteessaa ta'uu isaati.

Qabeenyota akkanaa fi kanneen isaan fakkaatan hundi haala kanaan qabeenyota uumamaa birootiin *qabeenyaa fi qabeenya uumamaa* ta'uu isaanii qofatu wol isaan fakkeessa. Kanaan ala barbaachisummaas dabalatee waan hundaanuu gargar ta'uu; worra Akka Amma jenne San Osoo hin dhokatin Akka waan

dhokataniitti jalaa dhokatan malee; worri yaadaan waa argu argaatuma jiraata.

Wonti dinqaan qabeenya kanniin(yeroo fi fayyaa) Adda taasisu nama hundaafuu qixatti kennamuudha. Haa ta'u malee namootni hundi qixa haa kennaman malee qixa itti fayyadamuus ta'ee qixa eeggachuu irratti gargari.

- **Itti Fayyadamiinsa Qabeenyaa**

Waa'ee jiraachuu qabeenyaa fi faaydaa isaa qofa haasa'uun haasaa guutuu hin taasisu. Garuu wonti murteessaan Itti Fayyadamiinsa qabeenyaati. Sababni isaas qabeenyi hin jirree fi osoo jiruu itti hin fayyadamne garaagarummaan isaa jiraachuu afaanii qofa waan ta'eef. Kun ammoo jiraachuun qabeenyaa itti fayyadamuun Kan murtaa'uta'uu agarsiisa.

Qabeenyatti fayyadamuu Kan danda'an lubbu qabeeyyii qofa yoo ta'an kanneen lubbuu hin qabne

ammoo ofiisaaniitiis ta'ee qabeenya hammataniin Kan qabeenyaatti fayyadaman fayyaduun ala itti hin fayyadaman; Kun ammoo isaanis ta'ee qabeenya isaan of keessatti hammatan lubbu qabeeyyiitu itti fayyadama jechuudha. Kanas ammoo marsaa itti fayyadamiinsaa fi qabaatinsa qabeenyaa uumuun itti fayyadamu.

Marsaan kunis;-

wontoota qabeenya qaban garuu Kan itti hin fayyadamne(lafa), Kanneen qabeenya qaban kan woliif lafattillee fayyadaman (lubbu qabeeyyii), Kan hunda isaaniittuu fayyadaman(ilma namaa), fi Kan hundaa hammatan Kan itti hin fayyadamne(hawaa) jedhamuun marsaa uumuun gariin qabaataa garii ammoo itti fayyadamu.

Lafti qabeenyota hedduu kanneen akka albuudaa fi kkf irraa fi keessa ofii keessatti baattee teetti. garuu itti hin fayyadamtu, ofii fi qabeenyota ofiitiinillee isa

itti fayyadamu fayyaddi. Wontoonni lafaa fi qabeenya isiin qabduttille fayyadaman ammoo lubbu qabeeyyii dha.

Lubbu qabeeyyiin kanneen akka biqilootaa, bineensota alaa fi manaa, ibliisotaa fi kkf hundi lafaa fi qabeenya isiin hammattetti fayyadamuu danda'u jechuu dha. Akkasumas lubbu qabeeyyii kanneenii fi lafattillee kan fayyadaman ilma namaati.

Ilmi namaa lubbu qabeeyyima keessaa kanneen lafaa fi lubbu qabeeyyii biroottille fayyadamuu danda'an ta'uu isaaniiti. Wonti biroo ammoo kan qabeenyota amma kaafnee fi uummama hunda of keessatti kan hammatuu fi kan itti hin fayyadamane hawaadha.

Marsaa kana keessatti lubbu qabeeyyiin qofti qabeenyatti fayyadamuu akka danda'an namni hunduu ni hubata. Kun ammoo marsaa uumamni

Akka lubbu qabeeyyiin qabeenyaatti fayyafamaniif tolche malee lubbu qabeeyyiin hundi qixatti marsaa kana eeganii itti fayyadamu jechuu miti; sababni isaas kallattiin marsaa kana eeganii Kan itti hin fayyadamne ni jiru; isaanis Kanneen alkallattiin kan marsaa kana eegee qabeenyaatti fayyadame irraa fayyadamuu danda'an waan jiraaniifi. Haala kanaan ammoo kallattiin osoo hin taane alkallattiin qabeenya kanatti fayyadamaa jiru waan ta'eef marsaa kana eeganii jiru jechuun hin danda'amu.

Fkn;- yoo qotee bulaan tokko kallattiin lafatti fayyadamee midhaan oomishu, Kan biraa ammoo namicha kanarraa fudhatee/bitee itti fayyadama. Alkallattiin malee kallattiin marsaa kana eegee lafatti hin fayyadamne jechuudha.

Qabeenyaan duroomuun namootaa itti fayyadamiinsa qabeenyaatiin murtaa'a. Kana jechuun itti fayyadamiinsaan ala qabeenya hamma fedhe

qabaachuun qofti qabaachuu hin ta'u; ta'us ammoo qabaachuu jechaa qofa ta'a waan ta'eef duroomuun hin danda'amu jechuudha. Kun kana ta'uu irraa Kan ka'e namoonni qabeenya baay'ee qaban itti fayyadamuu dhabaaf namoota qabeenya hin qabnee gad ta'aa jiraachuutu mul'ata.

Akkuma ilaalaa jirru qabeenyi hunduu akka hidhataa (chain)ti. Kana jechuun wol qabataadha/wolitti hidhamaadha jechuudha. Hidhata/fuunca ammoo gartokkee gara caafii/mataa Sana harkaan qabannaan hundaa harkisuun akka danda'amu akkuma beekamu; Qabeenyis ammoo kanumaan akka wol fakkaatu beekuun barbaachisaadha. Kunis mataa isaa jabeessanii qabannaan hundaaa harkisee dhufa. Mataan qabeenyaa kunniinis *Fayyaa fi Yeroodha.* Qabeenyota mataa qabeenya hundaa ta'an kanneen ammoo qabachuuf akka nu jalaa hin qisaasofne/banne isaan eeggachuun dirqama ta'a.

Eeggachuu dhabnaan ammoo Kan salphaatti baduu/qisaasa'uu danda'aniidha; Osoo ofii qofa qisaasa'nii badanii bareeda ture garuu nus ofuma faana nu balleessu waan ta'eef itti fayyadamuu fi eeggachuun ala carraa biraa hin qabnu. Kun ammoo barbaachisummaa isaa bira dabree murteessaa ta'uu isaa mul'isa.

Barbaachisummaa isaanii kanas hayyoonnii, biyyoonnii fi saboonnii garagaraa hima garagaraatiin ibsu. *"Yeroon akka haadduuti"* jedhu Araboonni yoo mammaakan. Dhugaadha! Yeroon osoo nama hin miine nama miiti. Haadduun osoo si muraa jiraachuun ishee sitti hin beekkamin si murtee si miiti jechaaf kana jedhu.

Akkasumas fayyaanis ammoo yerottuu akka sirnaan fayyadamnu Kan nu dandeessuudha. Akkuma Oromoon *fayyaan faaya* jedhee jaju sana akka faayaatti sirritti eeggachuutu mataa dubbii ti.

Akkuma dura kaasee ture qabeenyi Kunneen(yeroo fi fayyaa)'n nama hundaafuu qixatti kennamuun waan nama ajaa'ibuudha. Garuu osoo Kun ta'ee jiruu tokko fayya qabeessa, tokko ammoo dhibamaa, tokko Kan yerotti marsu, kaan ammoo Kan yeroon qofti itti marsitu kan taasise akkaataa qabannaa fi itti fayyadama qabeenya kanniiniiti. Qixa kennaman malee qixa itti fayyadamuus ta'ee qabachuurratti qixa ta'uu dhabuu agarsiisa. Yeroo kana qixni qixa hin baasuu? Nama jechisiisus gocha namootaa ta'uun nama cal'isiisa. Gochi namootaa kun(yerootti qixa fayyadamuu dhabuu kun) akka isaan qixa hin taanes isaan taasisee jira.

Kun ammoo wonti dalagamu hunduu bu'ama isa fakkaatu waan dhaluufiidha; waan hin taane hojjatanii waan ta'u eeguun waan hin taane ta'uu bira dabree gowwumaadha. Hunduu waanuma facaafate

haammata Akkuma jedhamu san jechuudha.

Kan biraa ammoo qabeenya nama bira jirutti fayyadamuu dhiisanii kan biroo hawwuun tokko ummata keenya biratti kan barameedha. Akkuma siin jedhee ture wonti bakka itti fayyaduun ala bakka biraatti itti fayyadamnaan na fayyadaaf osoo eegan jalaan nama buusa. Kanaaf hawwuunis waan dhabaniif malee waan qabaniif hin ta'u, osoo qaban hawwuun luqunuudha.

Namni qabeenya keessa jirutti hin fayyadamne nama fayyaduu malee fayyadamuu hin beekne qofaadha. Qabeenya nama cinaa jirutti fayyadamuu dhabuun gowwoomuu bira dabrees jaamuudha. "*Gowwaan bishaan keessa dhaabbatee dheebota"* isuma oromoon jedhu san ta'uusaati dubbiin. Gowwummaa bira dabraa akkasii kana hambisuuf ammoo qabeenyatti qisaasa tokko malee tartiibaa fi haala sirna

qabeessaan fayyadamuutu barbaachisa. Haalli sirna qabeessi akkasii Kun ammoo jecha *karoora* jedhu ibsa. Karoorris ammoo waan raawwatamu kamiiyyuu sirnaan raawachuu mul'isa. Akkasumas wonti kamuu akka mooji moojii ykn ofirraa baasaa hin dalagamneefis shoora olaanaa Kan taphatuudha.

Haalli sirna qabeessi kun ammoo waan kamiiyyuu sirna qabeessa fi wolabqisaasa taasisa. Kanaaf karoorri itti fayyadama qabeenyota ilaalaa turre sanniin hunda keessatti waan iddoon duraa gatamuufii qabuudha.

Akkuma siin jedhee ture jiraachuun qabeenyaa itti fayyadamiinsaan akkuma murtaa'u; itti fayyadamiinsi qabeenyaas ammoo karooraan itti fayyadamuun Kan murtaa'uudha. Kana jechuun jiraachuun Qabeenyaa itti fayyadamiinsa malee, itti fayyadamiinsis karoora malee Kan maqaa qofa ta'a jechuudha.

Namoonni Kan hiyyoomanii hiyyummaa keessatti kufaa jiraniif dhaba qabeenyaa fi Osoo qabanii akka qaban wollaaluu fi akka qaban beekanii karooraan itti fayyadamiinsa wollaaluudhaani. Kun ammoo Hiyyummaan dhaba qabeenyaa qofaan kan dhufu osoo hin taane; qabeenya qabanitti karooraan fayyadamuu wollaaluudhaanis kan dhufu ta'uu agarsiisa.

Wolumaagalatti qabeenya qaban beekuunii fi karooraan itti fayyadmuun kan Kan kufe bakka kufee kaasee kan isa gate dhaqqabsiisuu fi Yeroo gabaabatti Kan nama duroomsuudha. Kanaaf dhimmi waa'ee qabeenyaatti fayyadamuu kun waan akka laayyootti ilaalamuu qabuu miti, keessattuu worra kufee bakka itti kufe jiruu fi gatamee duuba jiruuf.

BOQONNAA 7
Sirna Bulchiinsa

Sirni (*system*) Adeemsa wonti tokko ittiin gaggeeffamu Kan mul'isuudha. Adeemsi kun ammoo adeemsa qindaa'aa waan gaariis ta'ee gadhee qindeessuuf fayyadu ykn waan tokko bifa gaarii fi gadheetiin qindeessuuf fayyaduudha.

Haaluma wol fakkaatuun sirni bulchiinsaas kanuma. Innis adeemsa qindaa'aa biyya/Namoota bulchuuf/hoogganuuf qindaa'eedha. Kaayyoon isaas biyya qindeessanii/sirneessanii bulchuufiidha. Kunis akka namootni wol qixxaatan, inni humna qabu isa humna hin qabne ari'atee akka hin bulleef, namoonni qabeenyota woliiniitti wol dhabdee tokko malee akka fayyadamanii fi kkf fa'aaf hoogganaan wolii galaa kan barbaachisu ta'uu agarsiisa. Kana yoon jedhu kaayyoo sirna bulchiinsaatu akkana malee sirni bulchiinsaa

hundi kaayyoo kana qabatee socho'a jechuu miti. Sababni isaas sirnoonni bulchiinsaa gariin kan namoota wol caalchisuu fi tokko tokko ari'atee akka buluuf tokkoo haala mijeessee kan biraatii ammoo haala ajeessuu kaayyoo godhatee socho'utu jira waan ta'eefi. Ta'us garuu ammas sirnoota akkanaa kanneenis kaayyoo keessaatu isa kana malee kaayyoon irraan haguugamee jiru kaayyoma dhugaa sirna bulchiinsaa nuti jalqabarratti jenne saniidha.

Garuu kanas ta'ee sana wonti beekkanuu qabu Sirni bulchiinsaa kun waan hiree namootaa murteessu ta'uu isaati. Kana jechuun namoonni sirna bulchiinsa gaarii qaban hiree gaarii qabaachuun, isaannan sirna bulchiinsaa gadhee qaban hiree isaaniis akkasuma gadhee ta'uun waan wol nama hin gaafachiifneedha.

Akkuma kaasuuf yaalaa jirru haalli kunneen lameen (sirni bulchiinsaa gaarii fi gadheen) kunneen hiree

namootaa murteessuu irraa Kan ka'e; kufuu fi dhabuun, guddachuu fi yarachuun, jiraachuu fi du'uun, gabrummaa fi bilisummaan jiraachuun, carraa waan gara garaa argachuu fi dhabuun namootaa sirna bulchiinsaa kanneen lamaaniin kan murtaa'uudha. Kana ta'uun isaa ammoo kaayyoo kitaabichi kun deemuuf akka ta'u isa taasisee jira.

Sirnoota bulchiinsaa gaarii fi gadhee kanneen lamaan madheeffachuun siroona bulchiinsaa gara garaatu jira. Kanneen akka addunyaatti beekaman 3tu jiru, isaanis, sirna bulchiinsa;- Hagoo(unitary), tokkummaa(confederation), federaala(federal) kan jedhaman yoo ta'u akka addunyaatti Kan itti fayyadamummaa guddaa qabuu fi sirnoota bulchiinsaa gaarii fi gadhees kan of keessaa qabu isa Hagoo(unitary) jehamu kana waan ta'eef; mee isa gabaabinaan haa ilaalluu!

❖ **Sirna Bulchiinsa Hagoo (Unitary)**

Sirni bulchiinsaa/Mootummaa kana keessatti Aangoon hunduu harka mootummaa giddu galeessaa jira, heerris tokko qofa kan jiru yoo ta'u akkasittuu kan addunyaan baay'inaan itti fayyadamtuudha.

Gosoota sirna kanaa gara garaatu jira, isaan keessaa muraasnii fi beekamoon; sirna mootii(autocracy), Abbaa irrummaa(dictatorship), fi dimokraasii(democracy) Kan jedhamaniidha. Akkuma kaasnee turree isaanuma kanneentu garii fi gadheetti adda kan bahan yoo ta'u, sirni bulchiinsa dimokraatawaa kun isa filatamaa fi gaarii Kan ta'eedha. Sababni isaas sirni bulchiinsaa Kun bulchiinsa ummataa Waan ta'eefiidha. Kanumaafis *seerri ummataan* jedhamee ibsama sirni kun. Akkasumas sirna mootummaan fedhii fi wolii galtee uummataatiin hundaa'e keessa jiru waan ta'eef sirna

bulchiinsaa filatamaa ykn gaarii ta'eedha. Garuu namoota sirna kana olaantummaan gaggeessantu akka gadhee ta'u taasisa.

Kanumatuuyyuu mootummoonni biyyoota garii kanneen sirna kana fakkeessaa sirna keessisaa qoreen guutame qabatanii biyya hoogganaa jiran akka jiraatan taasise., Kun ammoo sirna kana fokkisuu fi gahee isaatiin ala Waan biraatiin faaluu ta'a.

Garuu mootummoonni akkanaa kunneen, akka kiyyootti sirnichatti fayyadamanii namoota sirna ofii barbaadan keessa galchuun ala badummaa fi faalamuu sirna dimookiraasii kanaa hin badadan. Innis namni kamuu qoree Osoo argu irra hin ijjatu Waan ta'eef gubbaan haguuganii dhoksanii itti oofuu muraniiti

Wonti nama ajaa'ibu ammoo sirna bulchiinsaa kana (dimokraasii) keessatti *dahoo seeraa* waan

jedhamuutu jira. Innis ummata biyyattii keessa jiraataniif eegumsa;- lubbuu, qabeenyaa fi kkf seerratti daaheeffatanii taasisuufii kan agarsiisuudha. Garuu hooggantoonni fakkeessoo ta'an kunniin fallaa kanaa *dahoon seeraa* seerratti daaheeffatanii ummata miidhuu/ cunqursuu akka waan ta'eetti faallesanii hiikaa jiraachuu isaaniiti.

Sirnoonni hafan lameen(sirni mootii fi abbaa irree) ammoo sirnoota badoo fi miidhoo ta'aniidha. Sababiinis cunqursaa fi dhiibbaa ummataa, akkasumas sanyummaa fi tokko tokko caalchisuu kan bu'uureffate waan ta'eefiidha. Haa ta'u malee sirni kun kan badoome worroota sirni kun irratti gaggeeffamu biratti malee worroota sirna kana gaggeessan biratti akka hin taane wol nama hin gaafachiisu.

Sirnoonni miidhoon kunneenii fi kanneen isaan fakkaatan hundi, Kan irri dimokraasii keessisaa qoree

kana fa'a dabalatee qaroomina ummataa irratti kan dhiibbaa fidaniidha. Kana yoon jedhu osoo fagoo hin deemne Ummanni oromoo fakkeenya gaariidha.

Erga itoophiyaan akka biyyaatti hundooftee kaasee sirina bulchiinsaa/Mootummaa ummata oromootii ta'ee jira jedhamu hin dhageenye, har'aan tanas dabalatee jechuudha. Kun ta'uun ammoo akka ummanni oromoo Waan qaroomina argamsiisu hedduu hin argannee fi akka inni kufatiif saaxilamu taasisee jira.

Fakkeenyi tokko sirnoota darban keessa ummanni oromoo akka barnootaan duubatti hafu taasifamaa turee jira, Barnootaan kufuun ammoo kufaatii hin kaane akka ta'e armaan dura ilaallee turre. Kun ammoo sirni bulchiinsaa gadheen kufaatii ummataatiif sababa guddaa akka ta'e fakkeenya ibsuudha.

Haa ta'u malee sirna bulchiisaa gadhee kana foqolchuun isa gaarii ta'e uummachuun ni danda'ama. Kunis cimina/carraqqii ummata sirni akkanaa kun irratti gaggeeffamu irratti hundaa'eeti. Kanaafis ammoo ummanni guraachi fakkeenyaa ni ta'u, innis carraaqqii fi fincila cimaa ummanni kun taasiseen sirni gita bittaa awuroopaanotaa fonqolfamuun bulchiinsa gaarii isaaniif ta'u uummachuu danda'aniiru.

Ummanni oromoos sirna bulchiinsaa gaarii isaaf ta'u argachuu dhabus, cunqursaa fi ajjeechaan irraa qooruu dhabus; wontoota Yeroo dabran keessa dhabaa ture Kan akka barnootaa fa'a Argachuu danda'eera, akkuma Sila jedhe sirna bulchiinsa gaariis yoo ta'e argachuu dhabe malee uummachuu hin dadhabne. Kana jechuun isuma inni dhiiga dhangalaasee, qabsoo meeqaan naaf ta'a jedhee filatee ijaaratetu itti garagalee cunqursaa jira

jechuudha malee waan gara qabsootii isaaf hin hafne. Haa ta'u malee akkuma isaannan qabsoof homaa hin hanbifanne jiran; kanneen oromoma ta'anii oromaa cabsaa turanii fi cabsaa jiran hedduudha. Kanumatu kun akka ta'u taasise.

Kan ta'e ta'ee jira, kan ta'aa jirus ta'aatuma jira waan ta'eef akka kan qaraa biraa dabree kan biraa hin taane karaatti dhaabuun dirqama. Kanaaf ammoo furmaatatu furmaata. Eeyyen Furmaanni furmaata! Akkamittiin ammoo gaaffii bareeda! inni gocha badaa kana dalagaa jiru of ilaalee as garagalee, inni gaariif carraaqaa jiru itti fufee, wol woliin ta'ee wol woliin taa'ee sirna bulchiinsaa rigata jalaa rigee isa kuffisuuf yaalaa jiru kana diigee sirna isaaf ta'u ijaarratee tarkaanfii gara fuulduraatti tarkaanfachuu qaba. Furmaanni furmata!, akka jiranitti hafuun ammoo hafuma dhala malee furmaata hin fidu waan ta'eef bakka jiranii wol kakaasanii ka'utu barbaachisa.

Kun ta'uu dhabee furmaata akka furmaataatti ilaaluun dadhabamnaan cunqursaa fi gidirsaan ummataa kan sirna bulchiinsaa gadheen taasifamu kun kan itti fufu ta'uu isaati. Kana akka ta'u kan taasisaa jirus ammoo ilaalcha namoota garii *"Sirnichi ofii isaatiiyyuu yeroo isaa eeggatee ni kufa"* jedhuudha. Kun garuu gowwummaa irraa boodaati.

Gaalli hanga isiin gad jechuu diddutti namni itti fe'achuu gahe jedhee dhiisu hin jiru. Ofis akkasumatti ilaali. Kana yoon jedhu akka hin taanetti akka hin hubanne; gochi sirratti raawwatamus akkuma gaalaa kanaatii akkisitti ilaali jechuu kooti malee; akka gaalaatti/horiitti of ilaali jechuu koo miti. Akkasitti yoo of ilaalte ilaalchi ati namummaa keetiif qabdu gad si jalaa bu'aatii of eeggadhu. Eeyyen dhugaa kooti! hanga ati na gahe jettee didattutti namni si gahe siin jedhu hin jiru. harqoonni cunqursitootaa akkuma sirra bahetti sirra tura jechuudha.

Na gaheen kunis isa na gahe jettee iyyata cunqursitootatti iyyattu san miti, isaanitti iyyata galfachuun furmaanni ati argattus hin jiru, deebiin ati argattus harqoota sitti lammeessuu malee furmaata biraa hin eegin. Furmaanni kan argamu yoo ati ciniinnattee waan jette irratti cichitee fincilte qofaadha. Karaa kana qofatus rakkina harkaa si qabu keessaa si baasuu danda'a.

Walumaagalatti sirna bulchiinsaa miidhaa ummata miidhaa ummata bulchu, ummanni fincilee ofirraa diigee isaa gaarii isa fayyadu yoo hin ijaarranne kufaatiin isaanii ittuma fufa.....
Har'as borus sirni bulchiinsa gaarii dhabamuun kufaatii namootaatiif sababa guddaadha!!

BOQONNAA 8
Qindoomina

Mee dura hiika qindoominaatti osoo hin seenin wontoota qindoominaan ykn qindooman malee hin raawwanne tokko tokko haa ilaalluu.

- Wodaroo/haada namni hunduu ni beeka. Wodaroon kun sadarkaa haada tahuu irra kan gahe kirrii qal'oo harkifamnaan salphumatti cituu dandeessutu haala sirriitiin foo'amee haada waan waa muruunuu salphaatti hin cinne kana ta'uu danda'e. Kun immoo bu'aa qindoomina kirrii qal'ittiiti.
- Goommaa wontoonni garagaraa ittiin gangalatan kanas namni beeka. Goommaa kun qilleensa gargarii wolitti qabuuf uumame. Akkasuma qilleensis qindaa'ee goommaa kana ol kaasee akka konkolaatu godha.
- Maashinoota gurguddaa amma itti tajaajilamnu

kanas kan arganne bu'uma qindoomina meeshaalee fi maashinoota adda addaatiini.

- Jechoonni nuti dubbannus haala sirriitiin wolitti qindaa'an malee hima hiika qabeessa uumuu hin danda'an. Uumamni hima sirriitis bu'ama qindoomina jechootaatiini.

Hanga kana fakkeenya yoon siif kaase, wontoonni kana fakkaatan hedduun sammuu keetti dhufuun hin oolamu. Akkas taanaan anis isuman barbaadee ture.

Egaa amma fakkeenya armarratti ilaallee fi kanneen sammuu keetti dhufan irraa kaatee; *qindoominni/coordination* wol ta'iinsaa fi woliin ta'iinsa wontoota wolitti ta'anii ykn wolitti hin taanee ta'uu hubachuuf si hin rakkisu jedheen yaada. Akkasumas qindoominni gosa gurmaa'inaa ta'ee isa haala sirna qabeessaa fi tartiibaan raawwatuudha. Kana jechuun gurmaa'inni akkuma arge wolkeessa badees ta'uu danda'a. Garuu qindoominni wolitti

qabama wontootaa haala sirriitiin raawwatu ta'usaati.

Haaluma wol fakkaatuun *qindeessuunis* wontoota gara garaa ykn gosa tokkoo akka woliin ta'anii wol ta'anitti sirreessuu, wolsimsiisuu fi mijjeessuu yoo agarsiisu; *Qindoomuu* jechuunis wontoonni tokkoomanii, woliigalanii akka toluu fi ta'utti karaa sirriitiin waa raawwachuu dha.

Qindoominni wontootaa hanagam barbaachisaa akka ta'es hubachuuf fakkeenyonni duraa sunniin ni gahu jedheen yaada. Garuu akka isa dura hubatte irratti dabalamee wol utubee qajeeluuf yoo waa sii eda'a.
Dhugumatti *Qindoominni* akka jechoonni isa ibsan itti isa ibsan caalaa waan baayyee barbaachisaadha. Sababiin isaas qajeelluma/sirrina, miidhagni fi wkkf wontootaaf shoora olaanaa waan taphatuufiidha.
Haa ta'u malee xiyyeeffannoon kitaabichaa ijoon qindoomina namootaa fi raawwii/hojii isaaniiti.

Kanas mammaaksa Oromoon "*Quunceen qindiidhaan arba hiiti"* jedhu sana bu'uura godhachuudhaani.

Qindoominni namootaa fi hojii isaanii wontoota armarratti ilaalle sanniin adda ta'ee osoo hin taane; Qindoomina namootaa fi hojii isaanii kanatu kufuu fi ce'uu, milkaa'uu fi hoonga'uu, injifachuu fi moo'amuu, bilisoomuu fi gabroomuu namootaa murteessaa jira waan ta'eef ofirraa baasaa goonee bira dabruuf kaayyoon kitaabichaa nu daangessa. Kanaaf hamma dandeenye ilaalluuf haa dirqamnu!.

Ana kan na ajaa'ibu namoonni biyyoota ambaa osoo woraanaan wol barbdeessanii, osoo diinagdeen kufanii kufanii hin hafan. Maaliif beektaa? Ofii qindoomanii, qobsoo isaanii qindeeffatanii wol yaasanii waan barbaadanitti duulu waan ta'eefi.

Kan keenya garuu faallaa kanaa wol qideessee qabsoo isaa qindeessee hiyyummaa isa laamshesse,

gabrummaa gabroomfattootaa cunqursee isa hacuucee fi wontoota gargaraatti woliin duuluu dhiisee arraba ofii waan jedhee woliin tuffatu qindeeffatee wol irratti duula. Sila maaltu nama raaja, ummata keenya woliin ta'uu irra wolirratti ta'uutu laafaafii. Kan nama dhibu isa hin dhibu, kan nama hin dhebnetu isa dhiba.

Qabsoon gurraachonni taasisaa turan sababni yeroo dheeraaf milkaa'uu dhabee Awurooppaanota faanchataa turaniifis qabsoma isaaniitu qindaa'aa hin turre. Haa ta'u malee eega sochii *nigruutiidii* jedhamu gaggeessuu eegalanii qabsoon isaaniis qindaa'uu eegale. Sababni isaas sochii kanatu sochii wolii galtee fi eenyummaa (gurraachummaa) isaaniitti akka boonan taasise waan ta'eefiidha. Kunis sababuma qabsoo isaanii qindeeffataniifiidha.

Inni kan biraan ammoo Oromoota. baroota dabranii

kaasee hanga ammaatti isaanis ta'ee qabsoon isaanii qindaa'aa hin turre, sababni kanaa ammoo tokkoo yoo qabsoof aarsaa kennu inni kan biraan ammoo lubuusaaf jedhee gana. Kun ammoo akka qabsoon oromootaa qindii hin godhannee fi bakkaa hin sochoone taasisee taasisaas jira, Maaltu? Gantummaan Eeyye gantummaan.

Goobanni daaccee fi kanneen akka isaa baroota dabran keessaa fi Goobanoonni bara kana dhalatan hedduun isaanii akka qabsoon Oromoo hin qindomnee taasisanii taasisaas jiru. Worroonni dabran seenaa fokkataa dhaloota laphee cabsu galmeeffatanii, akka dhaloonni bara baraan isaan abaaru taasifatanii dabranii jiru.

Kanneen lubbuun jiran ammoo isaan irraa baratanii seenaa isaanii fanfansuun osoo irraa eegamuu, inumaayyuu dirree baasanii akka waan gaariitti himaa, ofiillee seenaa akkasaanii galmeessuuf galmee

eegalanii jiru. Kun jiruunis ta'ee du'aan kisaaraan isaan tuquun ala bu'aa biroo hin qabuufi, hin qabaatiniifis. Oromoon garuu gantoota bookkisaa jiran kanniin booratee of keessaa yaasee saaxiluuf ofii qindoomee hojii isaa kamiyyuu qindeessee socho'utu irraa jiraata.

Harrallee borullee worra wol gadhiisuu didee akka funcaa wol harkisee, ofii qindoomee waan hojjatullee qindeessee tabba woliin bahetu hadhallee afotti bahee injifannoo isaa dee'ataa jiraata.

Faallaa kanaa worri wol kutee, wol dhagahuu didee sagalee wolii jalaa akka sagalee bakakkaa/hangaasuu gurra qabatee, ofiif waan hojjatullee qindeessuu dhiisee wol balfetu hadhallee balfamee akka gataatti duubaa hiixxata. Kana lachuu kan taasise ammoo dhabamuu fi jiraachuu qindoominaati.

Akka qindoomuun namoota itti bareechisu waan ganamaa galgala ati argitu wohii fakkeenya sii fudhuu? Tole siifin fudha.

Innis shubbistootuma tv keessatti argitu kana; shubbistoonni kunneen yeroo tokkottii fi akka tokkotti wol fakkaatanii shubbisu, kana kan gochuu danda'aniif ammoo ofii qindaa'anii tartiiba qabatanii, shubbisa isaaniillee waan qindeeffataniifi. Ni agarta! yoo ta'e shubbisa hedduu irratti tokko yoo ol uttaale kan biraa ammoo faallaa isaa ykn gara biraatiin hin ragadu. Yeroo kanatti huccuu isaaniis qindeeffatanii/wol fakkeeffatanii yoo isaan ragadan akka itti miidhagan silaafuu sitti himuun hin barbaachisu. Akka malee bareedu! Kana kan taasise ammoo bu'aa qindoomina isaanii fi qindoomina hojii isaaniiti.

Kana qofas miti akkuma dura ilaallee turre Qindoominuma kanatu gurraachota akka

gurraachummaan isaanii itti miidhagu taasise.

Kanaaf qindoominni jiraachuuf qindeessuun jiraachuu qaba, qindeessuunis jiraachuuf qindeessaan jiraachuu qaba.

Kana yoon jedhu qindoomina afaaniin haasa'uutti jirru kana dhugoomsuuf namnii hunduu hojiisaa, yaadasaa, karoorasaa, ofiisaa fi waa hundasaa qindeessuu qaba jechuudha.

Qindoominaan oollee

Qindoominaan galla

Yoo san woliigallee

Bakka dhaqnee galla

Yoosan babbaareennee

Alaaf manatti tolla

Yoo san wol qabannee

Diina keenya qolla

Yoo san wol utubnee

Hiyyummaallee holla.

BOQONNAA 9
Jiruu fi Jireenya

Jiruu fi jireenyi lubbu qabeeyyii oolgala fi oolbula isaanii agarsiisa. Kana jechuun jiraachuu ykn lubbuun dachee kanarra turuu isaaniiti. Lubbuun turuun ammoo yeroo dhalata/uumama fi du'a lubbu qabeeyyii jidduutti argamu agarsiisa. Kanaaf jiruu fi jireenyi oolgala ykn oolbula lubbu qabeeyyiin hanga dhabama isaaniitti taasisaniidha.

Gara biraatiin ammoo jiruuf jireenyi lubbu qabeeyyiin lubbuun dachee kanarra turuu qofa osoo hin taane; akka itti isaan lubbuun dachee kanarra turanii fi haala isaan keessa dachee kanarra itti turanis kan agarsiisaniidha.

Kun ammoo lubbu qabeeyyiin gariin akka bineensaatti, gariin isaanii ammoo akka biqilootaatti, isaan kaawwan ammoo akka bineeldotaatti jiraachuu

isaanii fa'a.

Kana qofaas miti; tokko akka miidhaatti, kuun ammoo akka miidhamaa tti, inni kaan akka koolgaltuutti kan biraatti maxxanee jiraachuunii fi tokko akka dureessaatti qoma isaa dhiibee, inni kuun ammoo akka hiyyeessaatti mitigaa isaa lafaan gahee jiraachuu fa'atu akka isaan itti jiraatan ykn jireenya isaanii jedhama. Kana ammoo inni namoonni "*Abalu yoomuma jireenya namaa jiraata"* jedhanii haasa'an san irraa hubachuun ni danda'ama. Innis *jireenyi* akkaataa namoonni itti jiraatan ta'uu isaati...

Inni kan biraa ammoo haala isaan akka kanaan keessa jiraataniidha. Haalli kunis yeroo garii haala mijataa keessa jiraachuuf mijataa ta'eedha, yeroo garii ammoo haala gadadoo keessa jiraachuun jibbisiisaa ta'e fa'atu haala ykn jiruu jedhama.

Kanas ammoo isa namoonni *"jiruun soogidda soogidda"* natti jette ykn ammoo *"rabbitu hafuura natti*

baafate" jedhanii haala/jiruu gaarii fi badaa ibsan san irraa jiruun haala namoonni keessa jiraatan ta'uu hubachuun ni danda'ama. Gabaabumatti "*jiruun"* haala lubbu qabeeyyiin keessa jiraatan yoo ta'u "*jireenyi"* ammoo akkaataa isaan ittiin jiraatan kan mul'isuudha.

Jarreen lameen kunneen haala kanaan tokkoo miti. Garuu wolitti hidhata cimaa addaan hiikamuu isaan hin dandeessifne kanneen qabanii dha. Kanas kan godhan yeroo tokko tokko wolii galuudhaan, yeroo kaan ammoo wol dhabuudhaan wol faana deemu malee yoo wolii galan wol faana bu'anii, yoo wol dhaban kan wol gatan miti. Haalli(jiruun) lubbu qabeessi tokko keessa jiraatu badaa/gaarii ta'ee akki(jireenyi) inni itti jiraatus badaa/gaarii ta'uu danda'a jechuudha. Kana yoon jedhu lubbu qabeeyyiin hundi akka tokkottii fi haala tokko keessa jiraatu jechuu miti. Garuu hundi isaaniituu jiruuf

jireenya mijataa jiraachuu barbaaduu/hawwuu isaaniitiin tokko ta'anii mul'atu. Haa ta'u malee dubbiin akka fedhaa fi hawwii ta'uu dhabuun gargar isaan taasise jira. Eeyyen! Kan jabaatee ifaaje qofatu akka garaa isaa ta'a.

Keessattuu lubbu qabeeyyii haasofnu kanneen keessaa dubbiin kun ilma namaa haala addaatiin kan ilaallatuudha. Sababni isaas ilmi namaa akka lubbu qabeeyyii biroo nyaachuuf ykn lubbuu ofii qofa addunyaa kanarra tursuuf waan jiraatuu hin qaneefiidha. Kana ta'uu ammoo akkaataan inni lubbu qabeeyyii biroo irraa adda ta'ee dandeettii waan yaaduu, xiinxaluu, hubatuu fi kkf niin uumame ragaa baha. Kana jechuun lubbu qabeeyyii biraa irra waan hundaan badhaafamee kan uummameef akka nama garii lubbu qabeeyyii waa hin yaanne fakkaachuuf osoo hin taane; akka nama garii lubbuu ofii irra dabree kan lubbu qabeeyyii birootuu addunyaa kana

irra tursiisu ta'uufi malee. Namoonni gariin lubbuu ofii irra dabranii lubbuu lubbu qabeeyyii birootuu tursiisan kunniin kanneen akka namaatti namummaa isaaniitti fayyadamaniidha. Kanaaf fakkeenyi guddaan nama biyya keenyaa kan ta'e Pirofeesar gabbisaa ejjataati. Namni kun Sanyii midhaanii mishingaa(sorghum) jedhamu lubbuun isaa addunyaa kanarraa baduuf jettu deebisee dandamachiisuudhaan akka lubbuun isaa turu taasisee jira. Kana kaa namummaan nuti jennu.

Kun immoo namoota akka namoota akkanaatti uumamanii namummaa isaanii gatanii akka horii ykn lubbu qabeeyyii biroo ta'an hundaaf fakkeenya guddaadha.

Akkuma siin jedhee ture wonti filannoon/hawwiin ta'u hin jiru. Namoonni akkuma dandeettiin waa hubatuu lubbu qabeeyyii biroo irraa adda ta'ee

kennameef akka wonti martuu filannoon/hawwiin hin taane ni hubatu. Garuu haa hubatan malee namoonni baay'een taa'aniituma jiruu caala jireenya mijataa jiraachuu fedhu, muraasni isaanii ammoo jiruu mijattuu keessa jiraachuu filatu. Garuu namni hunduu gara lachuunuu osoo wol bira mijjaa'ina argatee ni barbaada. Haa ta'u malee yeroo baay'ee wol bira argamuu dhabuu fi ifaajuu dhabuun namootaa fedhiin isaanii kun akka itti citu taasisee jira.

Kanumatuuyyuu akka namoonni hedduun yeroo baay'ee jiruu gaarii osomaa qabanii jirenya gaarii akka dhabanii fi muraasni isaanii ammoo osoo jireenya gaarii qabanii jiruu gaarii dhaban taasisa. Hay! Ifaajuu dhabuu!

Haa ta'u malee jiruun/haalli gaariin/badaan yeroo baay'ee kan uumamaa waan ta'ee waan argamuuf

akka fedhaa godhachuun kan ulfaatuu malu ta'us; jireenyi mijjataan garuu tooftaa mataasaa kan qabu, carraaqqii fi cimina namoonni hojiif qabaniin kan argamuu dha. Kun immoo kan mul'isu jireenyi waan yeroo kamuu jijjiiramuu danda'uu fi jiruun garuu jijjiiramuus jijjiiramuu dhabuus kan danda'uudha.

Kana waan ta'eef namoota jireenya gaarii qabaatanii jiruu gaarii hin qabnetu; worra osoo jiruu gaarii qabanii jireenya gaarii hin qabane caala jechuudha.

Haa ta'u malee jiruu gaaritu jireenya gaariis akka godhattu si taasisa. Osoo jiruun gaariin hin jiraanne jireenya gaarii godhachuun danda'amus rakkisaa ta'uu isaatu gufuu namootatti tahuu danda'a.

Walumaagalatti jiruu fi jireenyi namootaa wol bira badaa tahuun kufaatii fi boodatti hafummaa namootaatiif akkuma sababa guddaa ta'aa jiru; jireenya fooyyeffachuuf carraaquu dhabuun namootaalleen kufaatii duraa irratti kufaatii biroo

dabaluu ta'aa jira. "*Fanxoo irraan cophxoo"* isuma jedhamu sana ta'uusaati dubbiin. Kanaaf maloota jireenya ittiin fooyyeffatan beekuun namootaa murteessaa ta'uu bira darbee dirqama dha.

Maloonni kunneenis wontoota nuti boqonnaalee dabarsine keessatti ilaalle dabalatee malli biroon jireenyi namootaa ittiin fooyya'u *hojiidha*.

Hojiin gocha namoonni ofii bu'aa wohii argachuuf ykn kan birootii bu'aa buusuuf ykn ammoo wol bira ofii buufatanii kan birootiifis buusuuf raawwataniidha. Maal bu'aa buusuuf qofaree! miidhamanii kan biroo fayyaduu fi kan biroo miidhanii ofii fayyadamuunis ni jira.

Egaa gaafa jechi "*miidhaa"* jedhu kun ka'u wonti gaarii hin taane ykn gadhee ta'e wohii akka gochicha keessaa harka qabutu tilmaamama. Eeyye sirriidha! Hojii keessaayis hojiin gadhee harka hin dhabu. Kunis akkuma hojiin ifaajanii dafqa ofii xuruurratanii haqa

ofiitiin hojjatanii ittiin fooyya'an jiru; hojiin dafqa namoonni biroo xuruurratan san cophsatanii fooyya'anis waan jiruufiidha. Kanaaf hojiin gaarii fi gadheetu jira jechuudha.

Hedduun namootaa hojiin dafaqa/haqa isaaniitiin ittiin fooyya'an osoo guutee jiruu dafqa namoonni xuruurratan cophsachuutti bobba'uun yeroo gabaabaa keessatti fooyya'u. Namoonni akkanaa kunneen irra hedduun isaanii namoota ceem'an, of hin beekne, ofitti hin amannee fi of shakkaniidha. Eeyyen akka haqa ofiitiin hojjachuu danda'an of shakku. Kana jechuun namoota dafaqa isaan xuruurratan jalaa cophsatan san akka hin geennetti of ilaalu, hin gayanis. Muraasa isaaniitu waanyoof ykn nageenya fi bu'aa namaa jibbuudhaan hojii akkanaa raawwatu. Jechi *"Ani ofirraa luka dhaabeen nyaadha inni yoo barbaade biyyee haa nyaatu"* jedhu sanis namootuma akka kanaa abbaa garoo ta'antu haasawa.

Hojiileen akka hannaa, hojii maatta'aa itti fudhatanii, wontoota nama miidhan daldaaluu, namoota sobanii kijibaan buufachuunii fi kkf hundi hojiilee namoonni akkanaa kunneen irratti bobba'aniidha. Isaantu nama waa beeku ta'ee hin beekne malee hojiin akkanaa nama isaan miidhanii irraa buufatan miidhuu bira darbee biyya guutuu kan miidhuudha, gaafa kana isaanis biyyaan adda waan hin taaneef Matumti isaaniituu ni miidhamu jechuudha.

"Whatever affects one directly, affects all indirectly"/ "wonti nama tokko kallatiin miidhu hunda alkallattiin miidha" **Martin Luther King Jr**

Namoonni osoo kana hundaa arganii "*kanuma koo naaf wayya"* jedhanii ifaajanii hojjatanii fooyya'uu filatan haa jiraatan. Osoo kun yeroo gabaabaa keessatti dafqa namaa cophsatee duroomuu argan; dhakaa mukatti bu'anii, hojii dafqa namaa cophsatan osoo hin taane kan kan ofii xuruurratanii hojjachuu

barbaadan; Ee hadhallee haa jiraatan!

Namoonni akkanaa kunneen ammoo ifaajee ofiitiin hojjachuun akkuma jirutti ta'ee; kan biroo miidhanii fayyadamuu osoo hin taane; hojiilee akka tola ooltummaa fa'a hojjachuun ofii osoo hin fayyadamne namoota fayyaduun isaan gammachiisa.
Haala kanaan namoonni kunneenii fi kanneen dafqa namaa cophsatan sunniin irranaan nama fakkaachuu qofatu wol isaan fakkeessa. Kana jechuun namoonni dafqa namaa cophsatan sunniin argaatu nama malee keessi isaanii bineensaan garaa garummaa hin qaban jechuudha.

Walumaa galatti hojiin kamiyyuu bu'aa wohii argachuuf akka hojjatamu hubachuun barbaachisaadha, inni kan biraa miidhus ofii ni fayyadama waan ta'eef. Haa ta'u malee *bishaan akka malee danfe maqaatu bishaani malee inni ibiddaan*

gargar Akkuma ta'uu dhabe; faayidaan miidhuun argamullee maqaatu faayidaadha malee miidhaan adda miti.

Kana beekuudhaan namni hunduu hojiilee miidhoo ta'an kanniin ofirraa dhiisee, dafqa namaa cophsachuu irraa gara dafqa ofii xuruurrachuutti garagalee hojii gaarii kamiiyyuu xiqqaas ta'u tuffii tokko malee karooraan hojjatee akka jireenya isaa fooyyefatuu danda'u hubachuun, hubachuu irraa ammoo gara raawwachuutti tarkaanfachuu qaba jechuutu dubbii ijoodha.. Kun ta'uu baannaan isa dafaqa namaa cophsachuu bare qofatu jiraata malee jiruuf jireenyi namootaa hedduu kufaatii fi boodatti hafummaaf harka kennata,

BOQONNAA 10
Goolaba

Kufaatii namootaatu baay'achaa jira. yeroo tokko tokko yoo dhaabbadheen yaadu namootumatu ofiin kukkufaa jira moo wontoota ummata kuffisaa jirantu baay'ataa jira? gaaffii jedhutu na keessatti uumama. Gaaffii kanaaf deebiin ani ofiif deebise irra caalaatti namootumatti kan murteessu yoo ta'u gama tokkoon ammoo wontoota ummataa kuffisaa jiran kana irrattis hamma tokko inuma murteessa. Kanas kanan godhe; ni yaadatta taanaan "waa'ee taatee tokkoo qofa shalfuu osoo hin taane wonta taatee saniif sababa ta'es wol bira qabanii haasa'uu woyya" jedhee sitti himee ture. Anis isuma yaadadheen kufaatii namootaa qofa osoo hin taane wontoota kufaatii namootaatiifis sababa ta'an irratti murteesse. Sababni isaas osoo wontoonni sunniin hin jiran ta'e namoonnis wol duubatti hin hafan ture. Garuu erga

uumamni lafa kaa'ee namootumatu waan sanniin qabachuu ykn dhiisuu qabu ture. kanaafuu dubbii gara caalu namootumarratti rakkifnee waa jenna.

Namoonni hedduun waan qabatanii fi waan gadhiisan wollaaluudhaan duubatti hafummaadhaaf saaxilamaa jiru. Keessattuu namoonni biyya keenyaa kunniin waan qabachuu qaban gadhiisanii waan gadhiisuu qaban ammoo qabatu. Wontoonni isaan silaa qabachuu qaban kunniin wontootuma tokkoo tokkoo boqonnaalee jalatti kaafnee sanniin fa'a kanneen akka saayinsii, barnootaa, teeknolojii, nageenyaa, qabeenyaa fi kanneen isaan fakkaatan hunda ture. Garuu namoonni faallaa kanaa ilaalcha okkolaa wontoota kanniin irratti qabaachuu qabachuu filatu. Kanuma kaa! Waan gadhiisanii fi qabatan wollaaluun. Haa ta'u malee hubannoo ofii cimsatanii waan wollaalan kana beekuun ni danda'ama.

Hubannoo kana cimsachuuf ammoo waan Hundumaa arganii dhagahanii hubachuuf ija, gurraa fi qalbii banachuun dirqama. Hubannoo kana cimsachuuf ammoo waan *ambivalence* jedhamuun beekkamu sana qabaachuu qabda. Yoon si yaadachiise *Ambivalence'n* wonta tokko irratti ilaalcha wolitti bu'u qabaachuu ibsa.

Kanaaf waa hundarrattuu ilaalcha sirrii fi miti sirrii qabaachuun ilaalcha sanniin keessaa isa kamtu sirrii akka ta'e gamaaggamtee yoo ilaalte hubannoo isaa sirritti cimsattee isa siif ta'u adda ni baafatta. Kun ammoo irra caalaatti namoota wontoota tarkaanfachiisaa ta'an irratti ilaalcha hin taane qofa qabaniif waan baay'ee barbaachisaa ta'eedha.

Walumaa galatti namoonni duubatti hafan hunduu worroota isaan gatan dhaqqabuuf waan dura worra isaan gate sanniin akka isaan gatan taasise hundaa beekuutu irra jiraata. Erga beekanii ammoo

beekkumsa sana raawwiitti jijjiiranii jennaan wonti isaan duubatti habisu hin jiru. Wontoonni muraasni an tokko tokkoo boqonnaalee jalatti kaases wontootuma worroota ofoo jiran afotti baasan keessaa isaan muraasa dha. Kanaaf yoo dubbisaa dhuftee jiraatte waan hubatte hamma tokko raawwiitti jijjiiri. Ergasii namoota biroos hubachiisii akka raawwatan godhi. Kana goonaan ammoo dubbiin tole.

Dubbiin waa'ee kufaatii fi duubatti hafummaa namootaa kun osoo irra deddeebi'ii haasa'i na godhuu mammaaksa oromoo *"dubbiin baay'atteef fardatti hin fe'an"* jedhu sana yaadadhee goolabuuf dirqamaa jira waan ta'eef miila dubbii sitti himeen xumura. innis waan siin jedhanii fi waan siif jedhan adda baastee beekuutu sirraa eeggama. Garaa garummaan jara kanniin lameenii; wonti siin jedhamu sii fi kan biroos ilaallatuu danda'a waan ta'eef ofii qofa dhageettee

cal'isuu hin qabdu, gara nama wonti siin jedhamaa jiru sun ilaallatu hundaatti geessuun sirraa kan eeggamu ta'uusaati. Garuu wonti siif jedhamu si qofa kan ilaallatuudha. Isa siif jedhamu kana yoo siif kan ta'u ta'uu isaa adda baafatte. Yoo barbaachisaa tahe kan birootiinis gahuu dandeetta.

Kana hubachuun wonti an hanga ammaatti jechaa ture kun siinis siifis kan jedhamaa tureedha waan ta'eef ofii keetiifis fudhadhuutii kan biroottis geessi jedheen imaanaa sitti kennadheen sirraa gabaabsa.

Kanaan adda baanee
Kan biraan wolitti dhufna
Isa kana yoo fixne
Kan biraattis lufna.....

Xumureen jira.

Waan dubbisteef galanni kee gaalana.

Wobiilee/References

1. *Real Life resilience,* Stacy brookman Feb 17.2018
2. *Meaning and types of education,* examplanning ©2020
3. *Gaammee,* Nimoonaa gadaa 2010, finfinnee itoophiyaa
4. *Dagaagina daa'immanii fi barachuu,* BBO 2006 ALH
5. *Friction,* Physics student text book, grade 9
6. *Indian education in the emerging society at 150 supra,note 4,* Jagannath mohanty, 1982
7. *Education through science as motivational innovation for science education for all,* Jack Holbrook, ICASE and university of tartu, Estonia
8. *The meaning of learning and knowing,* Erik jan van hossum; university of twente; the Netherland and rebbeca hammer
9. *Cuunfaa kitaaba amaloota namoota baaya'ee milkaa'oo tanii torban (the 7 habits of highly effective people),* Hawwii Aanolee
10. *Ilaalcha misoomee qaroomina qaru,* Amaanu'eel Ol jirraa Duuloo fulbaana 2020
11. *Ibsa saayinsii Fayyaa (biol.33),* 2012
12. *Teaching and learning science in 21 century: challenging critical assumptions in post secondary science,* Amanda L. Glaze, Department of teaching and learning, George southern university.

13. *The English dictionary that explains the meaning of English words,* Livio, the text in dictionary is extracted from Wiktionary.
14. *Wikipedia Internet website.*
15. *English dictionary,* CUZN Best Android apps provider
16. *Seenaa Afrikaa bara 1945moottan boodaa (HiED=351),* B/saa Faqqadaa Silashii fufaa koolleejjii barnoota barsiisota fedhii addaa sabbataa, 2012
17. *The difference between live and life,* pediaa ©2017
18. *Introduction to learning,* Lumen candela
19. *Shashi throor's word of the week Ephistemophilia,* Hindustan times (HT)
20. *About tribology,* Tribonet, university of twente ©2016-2020
21. *A brief history of education,* psychology today, Peter gray (PhD), freedom to learn.
22. *Education for all,* IsEqualTo ©2020